# Qajeelfama Raawwii Bittaa Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa

**Onkololeessa 2013**

**Finfinnee**

**Baafata** **Fuula**


1. Seensa ....................................................................................................................................4

2. Hiika .......................................................................................................................................5

3. Daangaa raawwatiinsa qajeelfamichaa ...................................................................................6

4. Kaayyoowwan Qajeelfamichaa; ..............................................................................................7

**KUTAA II** ...............................................................................................................................7

5. Ittigaafatamummaa .................................................................................................................7

6. Naamusa ..................................................................................................................................7

7. Ittigaafatamummaa Darektara Ol'aanaa, Hojii gaggeessaa Damee, I/G Distiriiktii, Paarkii fi Warshaalee. ...............................................................................................................................8

8. Ittigaafatamummaa Daareektara Daarektoreetii, Abbaa adeemsa hojii fi Qindeessaa hojii Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa. ...........................................................................9

9. Moggaafama Koree Caalbaasii Bittaa ....................................................................................11

10. Itti Gaafatamummaa fi Hojiiwwan koree caalbaasii bittaa....................................................11

11. Ittigaafatamummaa walitti qabaa Koree Caalbaasii bittaa......................................................12

12. Itti Gaafatamummaa barreessaa koree caalbaasii bittaa .......................................................13

13. Moggaafama Koree Ragaasiftuu Bittaa .................................................................................13

15. Itti Gaafatamummaa Walitti Qabaa Koree Raggaasistuu Bittaa............................................15

16. Itti Gaafatamummaa Barreessaa Koree Raggaassistuu Bittaa ...............................................15

17. Ittigaafatamummaa fi gahee hojii garee bittaa.......................................................................15

**KUTAA III**..............................................................................................................................16

18. Qophii bajataa .......................................................................................................................16

19. Qophii karoora Bittaa ............................................................................................................16

20. Fedhii Bittaa Addaan Baasuu, Sasaabuu fi Qindeessuu .........................................................17

21. Qophii Harshammee Bittaa....................................................................................................18

22. Gaaffii Bittaa .........................................................................................................................18

**KUTAA IV** .............................................................................................................................18

23. Bittaa Caalbaasii ifaa biyya keessaa ......................................................................................19

24. Qabiyyee Qajeelfama dorgomtootaa /Instruction to bidders/ ................................................20

25. Ibsa meeshichaa ykn tajaajilichaa / Specification / .............................................................22

26. Unka dhiyeessa yaada dorgommii caalbaasii fi gabatee gatiin itti dhiyaatu/ guutamu (Price schedule) ..............................................................................................................................23

27. Haalawwan waliigaltee (Condition of contract) ....................................................................24

28. Qophii Ulaagaalee Gamaggama Caalbaasii...........................................................................25

29. Yeroo Caalbaasiin banaa ta'ee qilleensa irra itti turu murtessuu............................................25

30. Gurgurtaa Sanada Caalbaasii ........................................................................................ 27
32. Ibsaa ykn Fooyya'insa Sanada Caalbaasii irratti Taasifamu ...................................................... 28
33. Kabachiisa Caalbaasii ........................................................................................ 30
34. Sanada yaada dorgommii fuudhuu ........................................................................................ 31
35. Baniinsa Caalbaasii ........................................................................................ 32
36. Caalbaasichi poostaa lamaan (yaada dorgommi Faayinaansii fi teeknikaa) akka dhiyaatu kan gaafatame yoo ta'e:- ........................................................................................ 33
38. Irra Deebi'anii Caalbaasii Baasuu ........................................................................................ 36
39. Caalbaasii haaquu fi dorgomtoota caalbaasii keessaa baasuu ...................................................... 36
40. Caalbaasii Raggaasisuu ........................................................................................ 37
42. Kabachiisa Waligaltee ........................................................................................ 38
43. Kaffaltii Dursaa ........................................................................................ 39
44. Waliigaltee Mallatteessuu ........................................................................................ 40
45. Bittaa Caalbaasii Ifaa Addunyaa ........................................................................................ 41
46. Bittaa Sadarkaa Lamaan Raawwatamu ........................................................................................ 42
47. Bittaa Caalbaasii Murtaa'aa ........................................................................................ 43
48. Bittaa Kallatti ykn Dhiyeessaa Tokko irraa Raawwatamu ...................................................... 44
49. Bittaa dhiyeessa gatiitiin (Piroformaa) Raawwatamu ...................................................... 45
50. Bittaa yeroo hinknine (Bitta arifachiisaa) ........................................................................................ 47
**KUTAA V** ........................................................................................ 47
Dhimmoota adda addaa ........................................................................................ 47
51. Akkaataa Murteen Bittaa Itti Mirkanaa'u ........................................................................................ 47
52. Bittaa Tajaajila Inshuraansii ........................................................................................ 48
53. Haala ol'iyyannoon Dhiyaatee itti ilaalamuu qabu ........................................................................................ 48
54. Moggafamaa Miseensa Koree Komii ........................................................................................ 49
55. Guyyaa Itti Ragga'u ........................................................................................ 49

## 1. Seensa

Kaayyoo Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaatiif kenname galmaan gahuuf dhiyeessiin yeroo fi qulqullina isaa eggate jirrachuun barbaachisaa dha.

Haata'u malee, hojiiwwan bittaa sadarkaa dhaabbaticha, Dameewwanii, Paarkiiwwan fi Distiriiktoota aangoo bittaa kennameef keessatti geggeefamuun bittaan meeshaalee workishopii fi hojii industriitiif raawwatamu sababa gatiin isaa guyyaa guyyaan dabalaa dhufeef hammantaa fi yeroo barbaadamuu keessatti dhiyeessuu dadhabuun hojii irratti dhiibbaa guddaa uumuun isaa waan itti amanameef akkaataa Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuu, aangoofi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe Lak. 213/2011 keewwata 36 lakkoofsa 35 tiin aangoo Abbaa Taayitaatiif kennameen qajeelfamni kun bahee jira.

Qajeelfamni kun qajeelfama raawwii bittaa Dhaabbata Bosona fi Bineensa Bosona Oromiyaa jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biraa Kan kennisiisuuf yoo ta'e malee qajeelfama kana keessatti:

1) "**Dambii"** jechuun dambii hundeeffama Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Bosona Oromiyaa lakk. 122/2001" jechuudha.
2) "**Bittaa**" jechuun Dhaabbata fi caasaan isaa hojiiwwan karoorfate raawwachuuf meeshaalee ykn tajaajiloota isa barbaachisan gabaa irraa kan bitatu jechuu dha.
3) **"Tajaajila"** jechuun kaayyoo barbaadame tokko raawwachisuuf bittaadhaan, kiraadhaan, kontiraataan, Dhaabbata kami irraa iyyuu kan argamu ykn ogeessa waliin waliigaltee uumuudhaan humna namaan ykn humna meeshaa bittaadhaan kan argamu jechuu dha.
4) **"Boordii Hojii Gaggeessaa**" jechuun hojii Dhaabbata bosonaa fi bineensa bosona Oromiyaa ol'antummaadhaan kan bulchuu jechuudha.
5) **"Abbaaa Taayitaa''** jechuun Abbaa Taayitaa To'annoo Dhaabbilee Misooma Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuudha.
6) **"Dhaabbata**" jechuun Dhaabbata Bosonaa fi Bineesa Bosona Oromiyaa jechuudha.
7) **"Dameewwan**" jechuun Dhaabbaaticha jalatti yeroo ammaa hundeeffamanii kan argaman:- Dame Arsii, Baalee, Booranaa-Gujii, Finfinnee, Iluu-Aabbaaa Booraa, Harargee, Jimmaa, Wallaggaa fi Damee Industirii Shaggar yoo ta'an, akkuma barbaachisummaa isaatti gara fuula duraatti kan hundeeffaman ni dabalata.
8) **"Paarkii"** jechuun yeroo ammaa Dhaabbata jalatti hundeeffamanii kan argaman Paarkii Biyyoollessa Garreewwaan Arsii, Paarkii Biyyollessa Dhaatii Walal, Paarkii Biyyollessa Booranaa fi paarkiiwwaan fuula duratti haaraa hundeeffamaan ni dabalata.
9) **"Distiriiktii**" jechuun iddoowwaan hojii Dameewwaan jalatti gurmaa'anii jiran fi gara fuulduraattis akkuma barbaachisummaa isaatti kan hundeeffamaan jechuudha.
10) "**Daarektara Ol'anaa"** jechuun Dhaabbata Bosonaa fi Bineesnota Bosonaa Oromiyaa ol'aantummaan kan hogganuu jechudha.
11) "**Darektara Darektoreetii Faayinaansii, Bitta fi Bulchiinsa Qabeenyaa"** jechuun hojiiwwan faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa Dhaabbatichaa kan hogganu jechuudha.
12) **"Abbaa adeemsa hojii faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa''** jechuun adeemsa raawwii faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa damee kan hogganu jechuudha.
13) "**Qindeessaa faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa''** jechuun adeemsa raawwiii faayinaansii, bittaa fi bulchiinsa qabeenyaa distiriktii kan ogganu jechudha

14) **“Gorsaa”** jechuun bittaa ogummaa beekumsa tajaajila sammuu isaanii ykn dhaabbilee gorsa oggumma Kennan irraa bittaadhaan kan argamu jechuu dha.
15) **“Caalbaasii”** jechuun beeksiifni caalbaasii erga ifa ta’ee ykn affeerraan yeroo taasifamee jalqabee mo’aataan caalbaasichaa addaan bahee waligalteen hanga mallattaa’utti adeemsa raawwii jiru kan ibsudha.
16) "**Sanada caalbaasii"**jechuun Dhaabbata fi Damee irratti qabiyyee waliigala sanada caalbaasii waalta’insa ykn walfakkaatu haala salphaadhaan qopheessuu akka danda’an sanada adeemsa raaawwi caalbaasii agarsisudha.
17) **“Dorgomaa”** jechuun dhiheessaa haala sanada caalbaasii itti gaafatameen meeshaa/tajaajila gaafatame dhiyeessuuf caalbaasiicha irratti kan hirmaatu jechuudha.
18) **“Kabachiisa caalbaasii**” jechuun dhiyeessitootni caalbaasii irratti hirmaatan caalbaasiicha erga mo’atanii booda meeshaa/tajaajila dhiheessuuf akka boodatti hin deebine maallaqa wabummaan qabsiissan jechuudha.
19) **“Kabachiisa waliigaltee/raawwii hojii gaarii”** jechuun dorgomaan caalbaasii mo’ate haala gaariidhaan/haala waligaltee mallattaa’een dhiyeessuu isaaf maallaqa wabummaan qabsiisudha.
20) **“Bittaa biyyaa keessaa”** jechuun bittaa meeshaalee/tajaajilaa dhiyeessitoota biyya keessaa irraa bitaman jechuudha.
21) **“Bittaa biyyaa alaa”** jechuun meeshaalee/tajaajiloota dhiyeessitoota biyyaa ala irraa bitaman jechuudha
22) “**Garee bittaa”** jechuun akkaata qorannoo ‘’JBAH’’ (jiijjirama bu’ura adeemsa hojii) tiin qaama bittaa raawwachuuf ittigaafatamummaan kennameef jchuudha.
23) “**Koree bittaa’’** jechuun hojjettoota daarektoreetii/adeemsa hojii faayinaansi, bittaa fi bulchiinsa qabeenya keessa hojjettoota garee adda addaa irraa hojii bittaa caalbaasii gaggeessuuf Dareektara ol’aanaa ykn I/A darektara olaanaa, Hojii Gaggeessaa Damee, Distiriiktii fi Paarkii kan isaaniin bakka bu’an caasaa gadii keessa jiraniin hundeeffamedha.
24) **“Koree ragaasiftuu bittaa jechuun”** hojjettoota garee adda addaa irraa caalbaasii bittaa gurguddoo koree bittaa irraa dhiyaatu qoratee kan ragaasiisu jechuuda.

### 3. Daangaa raawwatiinsa qajeelfamichaa

Qajeelfamni kun caasaa Dhaabbata Bosona fi Bineensa Bosona Oromiyaa hunda keessatti bittaa gaggeeffamu irratti raawwatinsa ni qabaata.

**4. Kaayyoowwan Qajeelfamichaa;**

Qajeelfamichi kaayyowwan gurguddoo armaan gadii ni- qabaata:

1) Dandeetii faayinaansii fi fedhii bittaa Dhaabbata fi caasaa isaa walsimsiisuudhaan bittaan karooraan, karaa dinagdummaa qabuun caasaa Dhaabbataa hunda haala walfakkaatuun akka gaggeefamu gochuuf;

2) Sirni raawwii bittaa iftoomna fi ittigaafatamuumaa kan qabu ta'ee dandeetiin Dhaabbata fi caasaa dhaabbatichaa jala jiran hunda cimee ittigaafatamummaa guutuu fudhatanii hojjechuu akka danda'anii fi malaammaltummaa dhabamsiisuudha.

3) Bittaa waliinii qindeessuudhaan meeshaawwan iddoo tokkotti bituudaan dhiyeesii waliigaltee irratti hundaa'een faayidaan itti fufiinsaan akka mirkanaa'u gochuuf;

**KUTAA II**

**Ittigaafatamummaa fi hojiilee qaamolee adda addaa**

**5. Ittigaafatamummaa**

Boordii hojii gaggeessaa, Manajimeentii Dhaabbataa, Damee, Distiriktii, Paarkii, warshaa fi hojettootni hojii bittaa raawwachuuf ramadaman qajeelfama kana haala sirrii ta'een hojii irra olchuu fi akka oolu taasisuuf itti gaafatamummaa ni qabaatu.

**6. Naamusa**

1) Hojjettoonni haala kaminiyyuu hojii bittaa meeshaalee, tajaajila irratti hirmaatan dhiheessaa, dhiheessitoota waliin qunnamtii faayidaa waliin wal qabatan kamiyyuu dhiyeessitoota ykn dorgomtoota irraa fudhachuu hin qaban;

2) Hojjettoonni bu'ura carraa hojiitiin iccitii bittaa waliin walqabate faayidaa dhuunffaatiif qaama biraaf dabarsanii kennuun dhorkaa dha.

3) Hojjettoonni hojii bittaa irratti ramadaman, koree caalbaasii, koree ragaasiftuu fi ittigaafatamtonni bittaa mirkaneessan harshammeewwaanii fi ragaawwan bittaa isaan bira jiru haala amansiisaa ta'een iddoo gaarii kaa'uu qabu.

4) Hojii bittaaf xiyyeeffannoo barbaachisaa kennuudhaan kutaa hojichaa fi koreen bitta hojii isaanii seeraan raawwachuu isaani hordoffii gochuu, akkuma barbaachisaa isaatti tarkaanfii sirreessaa fudhachuu.

5) Hojjetoonni bittaa meeshaa fi tajaajilaatiif profoormaa sassaabanii amantummaadhaan hojjachuuf ittigaafatamummaa guddaa qabu.

6) Dhiyeessitoota gidduutti loogii uumudhaan faayidaa adda addaa argachuun ykn argachisuun dhorkaadha;
7) Qaamni bittaa raawwatu hojjetaan ykn ittigaafatamaan hojii bittaa hojjetu waliin walqabatee walitti bu’iinsa faayidaa jiraachuu isaa yoo mirkaneesse:
   a) Hojjetaan ykn ittigaafatamaan adeemsichaa keessaa akka dhorkamu ni godha,

   b) Hojjetaan ykn ittigafatamaan adeemsicha keessatti hirmachuudhaan dhimmotni murtoon itti kenname irra deebiin akka qulqullaa’uu ni taasisa,

   c) Hojjettaan ykn ittigafataman walitti bu’insa faayidaa ummame kan beeksisuu dhiise hubannoo dhabuu irraa kan ka’e jedhee yoo amane malee hojjetan ykn ittigafatmaa irratti tarkaanfiin bulchiinsa ni fudhata.

8) Dorgomtotni bittaa irratti hirmaataniis naamusa gaarii ijoo armaan gadii hordofuu qabu**.**

   a) Dhiyeessaan ykn dorgomaan kaadhimama kamiyyuu bittaa irratti hojjetaa ykn ittigafatama bobba’e kallattin ykn kallattin ala ofiisaa ykn qaama sadaffaan kenna kennuu hin qabu.
   b) Dorgooman ykn dhiyeessan raga beekuu dhaabbata bittaa raawwachuuf ykn waliigaltee bulchuuf murteef kan gargaruu oodeefano barbaaduu kennu qaba.
   c) Dhiyeessitoonni kamiyyuu dorgomtoota biroo wajjin mari'achuudhaan gatii sobaa kennuun faayidaa dhaabbaticha miidhuu ykn sanada dorgomaa biroo irratti hundaahanii dorgommiiti seenuu hin qaban.
   d) Raawwii bittaa irratti gochaa malaamaltummaa yaadame qaama dhimmi ilaaluuf beeksisuu qaba, offii isaas gocha malaammaltummaa irratti hirmaachu hinqabu.

**7. Ittigaafatamummaa Darektara Ol’aanaa, Hojii gaggeessaa Damee, I/G Distiriiktii, Paarkii fi Warshaalee.**

Hojiin seeraan isaanii kenname akkuma eeggametti ta’ee, ittigaafatamtonni armaan olitti caqasaman dabalataaniis hojiiwwan armaan gaditti tarreefaman ni-qabaatu:

1) Itti gaaftamaa fi hojjettoonni hojii bittaa raawwachuuf ramadaman oggumichaan barumsa fi muxxannoo hojii gahaa akkasumas naamusa gaarii qabaachuu isaanii mirkaneessuu,
2) Hojii bittaa raawwachuuf qaamni gurmmaa’u hojjicha raawwachuuf kan isaan dandeessisu aangoo gahaa qabaachuu isaa fi hojimaatni ifa ta’e kan diriiree jiru ta’uu isaa mirkaneessuu,

3)Miseensota 3 gadi hin taanee fi 5 hin caalle kan qabu bittaawwan gurguddaa mana hojiichaa qoratee kan raggaasisu yeroon tajaajilaa waggaa lama ta'ee akkaataa barbaachisummaa isaatti yeroo tokkoof dheerachuu kan danda'au koree raggasiftuu bittaa ulaagaalee armaan gadii yaada keessa galchuun dhaabuu,

a) Mana hojichaa keessatti itti gaafatamummaa ol'aanaa irratti hojjachaa kan jiran,

b) Hanga danda'ametti ogummaa adda addaa irraa kan filatamanii fi beekkumsaa fi muuxannoo hojii fooyya'aa kan qaban,

4) Miseensota sadii hanga shaniitti kan qabatu fi yeroon tajaajila isaanii waggaa sadii ta'ee akkaataa barbaachissummaa isaatiin dheerachuu kan danda'u koree bittaa ni-hundeessa,

5) Koree gahumsa teekniika meeshaalee gurguuddoo qoratee dhiyeessu kutaalee hojii adda addaa irraa filatame ni dhaaba;

6) Qaboo yaa'ii koree bittaa fi koree ragaasistu irraa dhiyaatu raggaasisuu fi qajeelfama itti kennuu;

7) Karoorri bittaa sagantaa Dhaabbatichaa fi caasaa isaa gadi jiru waliin kan deemu ta'uu fi fedhii bittaa dhaabbatichaa hunda kan guute ta'uu isaa mirkaneeffachuun karoora bittaa ni-raggaasisa,

8) Bittaawwan koree raggaasistuu bittaatiin ragga'uu kan hin barbaachisne bittaawwan maallaqaa xiqqaadhaan raawwataman:

a) Sadarkaa adeemsa hojii bittaatti akka ragga'an bakka bu'insi kennamuu ni danda'a,

b) Itti gaafatamaa ol'aanaa hojjicha wajjin walitti dhufeenya kallattii qabuun akka ragga'u bakka bu'iinsa keennuu ni danda'a,

c) Bakka bu'insi itti gaafatamaa ol'aanaan mana hojichaaiin kennamu daangaa maallaqaatiin murtaa'ee ittigaafatamtoota hojii adda addaatiif kennamuu ni danda'a .

**8. Ittigaafatamummaa Daareektara Daarektoreetii, Abbaa adeemsa hojii fi Qindeessaa hojii Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaa.**

1) Fedhii bittaa karooraan ragga'e irratti hundaa'e bittaan qindaa'ee akka raawwatu ni taasiisa.

2) Sanda caalbaasii affeerraan bittaa itti raawwatamu ilaalchisee koree caalbaasitii fi koree ragaasiftuutiif ibsa ni-kenna ykn ibsa akka itti kennamu ni taasisa.

3) Adeemsaa fi murtii caalbaasii irratti komiin yoo dhiyaate koree komii qulqulleessituu waliin ta'uun furmaata ni kenna ykn ni kennisiisa.

4) Gabaasa hojii bittaa ji’aa, kurmaanaa fi waggaa qopheessuu ni taasiisa, mirkaneessees ni dabarsa.

5) Adeemsa hojii bittaa ilaalchisee, odeeffannon kennamu baasii kan qabu yoo ta’ee, qaama odeeffannoo barbaaduun kan uwwisamu ta’ee, qaama deeffannoo barbaaduuf odeeffanno ni kenna.

6) Argannoo yaada Odiitara irraa dhiyaatu bu’ureefachuun sirreeffama barbaachisaa ta’e gochuu fi sirreeffama taasifames Darektara Ol’aanaa ykn itti aanaa Darektara Ol’aanaa ykn hojii gaggeessaa Damee ni beeksiisa.

7) Qaama bittaa gaafate waliin ta'uudhaan sanada caalbaasii qopheessee koree bittaa raggaasisuuf ni dhiyeessa, yaada koree raggaasistuu bittaatiin keennamuu bu’uureffachuun sanadoota caalbaasii ni sirreessa.

8) Sanada caalbaasii ni gurgura, gaaffii sanada caalbaasichaa irratti dhiyaatuuf ibsa ni kenna ykn akka ibsi kennamu ni taasiisa.

9) Saanduqa sanada yaada dorggommii caalbaasii ittiin fuudhamu ni qopheessa, ni bulcha.

10) Koree waliin ta’uun caalbaasii ni bana, hanga danda'ametti qamnii bittaa gaafatee fi bakka bu'aan oditii keessa sirna banniinsa caalbaasii irratti akka argaman ni affeera.

11) Sanada caalbaasii dhiyaatan fuuloota kooppii fi oriijiinalii irratti chaappan taasifamee mallattaa'u isaa ni mirkanaaneesa, Yeroo caalbaasiin banamu qaboon yaa'ii akka qabamu ni taasisa.

12) Sanadni yaada dorgommii caalbaasii yeroo gamaaggamamu ragaaleen sirriitti galmaahuu isaanii, shallagni herreegaa sirriitti hojjatamuu isaa ykn loogiin dorgomaa tokko miidhuuf ykn fayyaduuf raawwatamuu dhabuu isaa ni mirkaneessa.

13) Qaboo yaa’ii gammaaggama yaada dorgommii sanada caalbaasii ilaalchisee koree raggaasistuu caalbaasiitiif ibsa ni kenna ykn ibsi akka kennamu ni taasiisa.

14) Dorgomtoota mo’ataa fi mo’aatamaa ta’an firii caalbaasii ni beeksisa.

15) Wixinee waliigaltee irratti dhiyeessitoota waliin ni marii’ata, akkaataa aangoon bakka bu’iinsaan kennameefiin ni mallatteessa ykn itti gaafatamaa dhimmi ilaaluun akka mallattaahu ni godha.

16) Mirgaaf dirqamni waliigaltee irra jiru kabajamuu isaa ni

mirkaneessa.

17) Sanadoota bittaa ni qaba, ni eega, qaama seera qabeessa dhimmi ilaalu irraa ibsa yoo gaafatame ni kenna.

18) Kabaachisaa caalbaasii ni fudhaa ykn ni egaa, ni deebisa ykn mootummaadhaf galii ni taasisa.

19) Sanadoota caalbaasii gareedhan ta'un ni gamaggamaa ykn akka gamaaggamuu ni taasisa, hangi bittichaa haala daangaa qajeelfama kana irratti ibsameen olitti sababa ta'en firiin gamaaggamichaa koree raggaasistuu bittaatti dhiyaatee mirkanaa'uu kan qabu koreetti ni dhiyeessa.

20) Bittaawwan dhiyeessa gatiin raawwatan ilaalchisee gatiin dhiyeestoon dhiyeessaan gatii gabaa ta'u isaa ni mirkaneessa.

**9. Moggaafama Koree Caalbaasii Bittaa**

1) Koreen caalbaasii kan hundeeffamu hojjattoota Darektoreetii/Adeemsa hojii Faayinaansii, Bittaa fi Bulchinsa qabeenyaa keessaa ta'a.

2) Miseensotni koree filatamuu kan danda'an hojjettoota naamusa gaarii qaban, waggoottan lamaan asitti balleessa kan hin raawwannee fi naamusaan kan hin himatamne ta'uu qabu.

3) Walgahiin koree caalbaasii miseensonni walakkaa ol ta'an yoo argaman koramiin ni guuta.

4) Murtee koreen caalbaasii kennu sagalee caalmaatiin ta'a. Sagaleen wal qixxee yeroo ta'utti walitti qabaan sagalee murteessaa ni qabaata.

5) Miseensi koree caalbaasii murtee darbu irratti yaada garaagarummaa qabu, sababii isaa barreeffamaan ibsee qaboo yaa'ii irratti ni mallatteessa.

**10. Itti Gaafatamummaa fi Hojiiwwan koree caalbaasii bittaa**

1) Gaafiin bittaa dhiyaatee sirna adeemsa caalbaasii bittaa guutee argamuu isaa mirkaneessuu.

2) Fedhiiwwan bittaa dhiyaatan tokko tokkoon guutuuf bittaa irra kan fooyya'e filaannoon biroo kan hin jirre ta'uu qulqulleessuu,

3) Bittaa walfakkaatu bakka tokkotti raawwachuuf haala dandeessisuun qindaa'ee qophaa'uu isaa mirkaneessu,

4) Maaloonni bittaa filataman dorgommii kan jajjabeessan, ifaa fi baasii qusataa ta'uu mirkaneessuu.

5) Sanadni caalbaasii qophaa'u haalawwan armaan gadii lakk 10.6 hanga 10.16 caqasaman guutuu isaa ni mirkaneessa.

6) Ibsi fedhii teekniikaa qophaa’e haalawwan qajeelfama kana irratti ibsaman kan guutu ta’uu isaa mirkaneessuu,
7) Ulaagaaleen ittiin dorgomamu kan loogii hinqabne, ifaa fi raawwatamuu kan danda’an ta’uu isaanii mirkaneessuu,
8) Unkaalee hojii sirrii ta’anii fi dhimmoota biroo qajeelfama kanaan akkaataa gosa bittaatiin ibsamuu qaban kan hammate ta’uu isaa mirkaneessuu,
9) Beeksifni caalbaasii sab qunnamtii irratti dhiyaate sirrummaa isa mirkaneessuu,
10) Sanadni caalbaasii guurgurtaaf dhiyaate sirna adeemsa caalbaasii guutu isaa mirkaneessuu,
11) Sanduuqa caalbaasii dorgomtonni gatii fi ragaa galii itti taasissan guyyaa beeksisni bahe irraa kaasee qaawwaa sanada itti galuu alatti mallattootiin saamsuu.
12) Haala sab quunnamtii irratti guyyaa fi sa’aatii ibsameen bakka koreen caalbaasii hundi argamanitti qaawwi sanduuqa calbaasii itti galaa ture cufuu.A
13) kkaataa beeksisa caalbaasii irratti ibsameen guyyaa fi sa’aati murtaa’etti fi bakka dorgomttonni argamanitti caalbaasii banuu.
14) Xiinxala caalbaasii gaggeessuun mo’ataa addaan baasuu.
15) Gabaasa gamaaggama bittaa dhiyaate irratti yaadni murtee koreen kennamu kamiyyuu kan sababa qabatamaa ta’e irratti hundaa’e ta’uu qaba.
16) Adeemsa raawwii bittaa keessatti yaada murteewwan koreedhaan dhiyaate ilaalchisee,
17) Koree ragaasiistuu, Darektara Ol’aanaa, hojii gaggeessa Damee ykn qaama aangoon kennameefiin yeroo gaafatamu ibsa ni- kenna.

**11. Ittigaafatamummaa walitti qabaa Koree Caalbaasii bittaa**

Walitti qabaan koree bittaa Darektara Ol'aanaa, I/A/D Ol’aanaa, Hojii gaggeessaDamee, Paarkii, Distiriiktii fi warshaatiin kan moggaafamu ta'ee itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Guyyaa fi sa'aatii walgahii koree bittaa ni murteessa, walgahii ni gaggeessa.
2) Hojiiwwan adeemsa caalbaasii wajjin walqabatan, labsii fi qajeelfama bittaa hordofee kan raawwatame ta'uu isaa ni mirkaneessa.
3) Koree caalbaasii waliin ta’udhaan;
    a) Sanduuqa caalbaasii cufuu.
    b) Guyyaa sanduqa caalbaasii itti banamu hirmaattotaaf sirna caalbaasii ibsuudhan sanduuqa caalbaasii banuu.
    c) Xinxala yaada dorgomtootaa dhiyaate gaggeessuun mo’ataa caalbaasii filachuu.

d) Qaboo yaa’ii qophaa’e mallatteessee qaama ilaaluuf dabarsuudha.

4) Adeemsa caalbaasii gaggeeffame ilaalchisee dorgomtotaatiifis ta’e qaama dhimmi
ilaaluuf deebii gahaa ta’e kennuu.

**12. Itti Gaafatamummaa barreessaa koree caalbaasii bittaa**

Barreessaan koree bittaa itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Qaboo yaa'ii koree caalbaaasii ni qaba, sanadootaa fi galmeewwan of egganoodhaan ni eega.
2) Yaada Dorgomtoota/Dhiyeessitoota irraa dhiyaatu qaboo yaa’ii irratti galmeessee ni qaba.
3) Bakka walitti qabaan koree caalbaasii hin jirretti Ajaja Dareektara ol’aanaa ykn ykn namni innii baka buuseen hojii walitti qabaa dabalatee ni-gaggeessa.
4) Qajeelfama walitti qabaa koree irraa kennamuuf bu'uureffatee ajandaa ni qopheessa.

**13. Moggaafama Koree Ragaasiftuu Bittaa**

1) Koree raggaasistuu bittaa miseensa 3 hanga 5 kan qabaatu ta’ee,miseesaa ta’anii, filatamuu kan danda'an, hojjattoota naamusa gaarii qaban, bittaa raawwachuuuf hojjettoota beekumsa fi muxxannoo gaha qaban, akkasumas, waggoota lamaan asitti balleessaa kan hin raawwannee fi naamusaan kan hin himatamne ta'u qabu.
2) Miseensonni koree raggaasistuu bittaa gaggeesitoota adeemsaa, ogeeyyii muxannoo fi beekumsa ol’aanaa qabani fi murtoo kennu danda’an keessaa moggafamu.
3) Wal-gahii koree raggaasistuu miseensonni walakkaa ol ta’an yoo argaman kooramiin ni guuta.
4) Murteen koreen raggaasistuu kennu sagalee caalmaatiin ta'a. Sagaleen wal-qixxee yeroo ta’utti walitti qabaan sagalee murteessaa ni qabaata.
5) Miseensooni koree raggaasistuu murtoo darbu irratti yaada garaagarumma yoo qabaatan, sababii isaa barreeffaman ibsanii qaboo yaa’ii irratti ni mallatteessu.

**14. Itti Gaafatamummaa Fi Hojiiwwan Koree Raggaassituu Bittaa**

Koreen raggaassituu bittaa hojii fi itti gaafatamummaa armaan gaditti tarreeffaman ni qabaatu:

1) Karoora bittaa waggaa qophaa’e dhiyaate qoratee Hogganaa ol’aanaaf yaada murtii ni dhiyeessa.

2) Fedhiiwwan bittaa adda addaa karoorichaan hammataman sagantaa waliin kan wal siman ta'uu isaanii ni mirkaneessa.

3) Fedhiiwwan bittaa dhiyaatan tokko tokkoon guutuuf bittaa irra kan fooyya'e filaannoon biroo kan hin jirre ta'uu isaa ni mirkanessa.

4) Bittaa bakka tokkotti raawwachuuf haala dandeessisuun qindaa'ee qophaa'uu isaa ni mirkanessa.

5) Maloonni bittaa filataman dorgommii kan jajjabeessan, ifaa fi baasii qusataa ta'uu isaanii ni qorata.

6) Sanadni caalbaasii adeemsa hojii bittaatiin qophaa'u haalawwan armaan gadii guutuu isaa ni mirkaneessa.

   a) Kutaan hojii bittaa yeroo sanada caalbaasii qopheessuu gosa bittichaa tiif sanada caalbaasii idilee Dhaabbatichaan qophaa'ee kan fayyadame ta'uu isaa,

   b) Ibsi Fedhii tekiniikaa qophaa'ee guutu ta'uu isaa,

   c) Ulaagaaleen ittiin dorgomamu kan loogii hinqabne, ifaa fi raawwatamuu kan danda'aman ta'uu isaanii,

   d) Unkaalee hojii sirrii ta'anii fi dhimmoota biroo qajeelfama kanaan akkaataa gosa bittaatiin ibsamuu qaban kan haammate ta'uu isaa,

7) Gosa bittaa isaatti bittaawwan hanga mallaqaa murtaahee ol ta'aniif gabaasa gamaaggama bittaa haala armaan gadiitiin qorate ni raggaasisa.

   a) Gamaaggamichi Sanada Caallbaasii bahe irratti hundaa'ee hojjatamuu isaa,

   b) Tumaatiilee qajeelfama kanaa kan eege ta'uu isaa,

   c) Murtoon bittichaa kaffaltii manni hojichaa kaffalamuuf kan wal-madaalu bu'aa kan argamsisuu danda'u ta'uu isaa,

8) Gabaasaa gamaaggama bittaa dhiyaate irratti murtoon koreen kennamu kamiyyuu kan sababa irratti hundaahe ta'uu isaa ni mirkaneessa.

9) Hojiiwwan bittaa korichaan ragga'anii, rakkoolee quunamanii fi yaada furmaataa kan ibsu gabaasa kurmaa kurmaanan itti gaafatamaa ol'aanaa mana hojichaatiif ni dhiyeessa.

10) Adeemsa raawwii bittaa mana hojichaa keessatti murtoowwan koreedhaan

raggaassifaman ilaalchisee itti gaafatama ol'aanaa mana hojiitiin ykn qaama aangoon kennameef biroo tiin yeroo gaafatamu ibsa ni kenna.

**15. Itti Gaafatamummaa Walitti Qabaa Koree Raggaasistuu Bittaa**

Walitti qabaan koree raggaasistuu bittaa Hogganaa ol'aanaa mana hojichaatiin kan mogaaffamu ta'ee itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Guyyaa fi sa'aatii waligahii koree raggaasistuu ni murteessa, walgahii ni gaggeessa.
2) Hojiiwwan adeemsa caalbaasii wajjin walqabatan, qajeelfama bittaa hordofee kan raawwatame ta'uu isaa ni mirkaneessa.

**16. Itti Gaafatamummaa Barreessaa Koree Raggaassistuu Bittaa**

Barreessaan koree raggaasistuu bittaa Hogganaa ol'aanaa mana hojiichaatiin kan mogaaffamu ta'ee itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Qaboo yaa'ii koree raggaassistuu kamiyyuu ni qaba, korichi sanadootaa fi galmeewwan akka qabaatu ni godha, of eegganoodhaan ni egaa,
2) Dhiyeessitoota wajjin mariin taasifamuu yoo jiraate, qaboo yaa'ii ni qaba.
3) Qajeelfama walitti qabaa koree irraa kennamuuf bu'uureffatee ajandaa ni qopheessa.
4) Walgahii koree caalbaasii irratti sagalee ni kenna.

**17. Ittigaafatamummaa fi gahee hojii garee bittaa**

1) Qaamolee bajata eeyyamameef unkaa qophaa'e irratti guutanii fedhii bittaa isaanii haala akaakuu isaatiin addaan baasanii akka dhiyeeffatan gochuu,
2) Fedhii bittaa karoora ragga'e irratti hundaa'ee dhiyaate bu'uura gochuudhaan karoora yeroo bittaan itti gaggeeffamu qopheessuu,
3) Ragaa fedhii bittaa dhiyaate walitti qabuu, addaan baasuu fi qindeessuu,
4) Toftaa bittaan itti gaggeeffamu filachuu, ragaa gatii gabaa dursanii sassaabuu fi sanada caalbaasii qopheessuu fi mirkaneessuu,
5) Gatii sanadni caalbaasii itti gurguramu murteessuu fi kaffaltii beeksisa caalbaasii raawwachuu,
6) Xalayaa beeksisa caalbaasii qopheessuu,
7) Wixinee sanada waligaltee xalayaadhaan mo'ataaf erguu. Haala waligalteetiin meeshaa dhiyaate sirrii ta'uu isaa mirkaneessuu,
8) Gabaasa hojii bittaa kan ji'aa, kurmaanaa fi waggaa qopheessuu ta'a.

## KUTAA III

## Karoora Bittaa

### 18. Qophii bajataa

1) Dhaabanni meeshaa, tajaajila, ijaarsa bara bajataa keessatti bittaa raawwachuun duraan dursee yeroo bajatni qophaa'u bajata meeshaalee, tajaajila, ijaarsa addaan baasee qopheessuun Dar.Ol'aanaa dhaabbatichaa, boordii fi Abbaa Taayitaa To'ataa Dhaabbilee Misooma Oromiyaatiif dhiyeessee mirkaneessisuun irra jira.
2) Bajatni kaappitaalaa boordii hojii gaggeessaa dhaabbatichaatin ragga'ee ibsabarbaachisaa wajjin qophaa'ee A/T/T/Dh/M/O tiif dhiyatee hojii irra ni- oola.
3) Bajata kaapitaalaa hojii irra oolchuu ilaalchisee bittaawwan tokko tokko yeroo dheeraa kan fudhatan waan ta'eef, adeemsi bittaa xumuramee waliigaltteen bittaa yoo seename yookaan dirqama waliigaltee keessa yoo seename barri bajataa erga darbee yeroo meeshichi galii ta'u yookan tajaajilichi kennamee xumurametti dursanii baajata qabachuun kaffaltii raawwachuun ni danda'ama.
4) Bajata kaapitaalaa mataduree tokkoof eeyyamame mataduree biraatti jijjiranii fayyadamuun dorkaadha. Haata'u malee, ibsa barbaachisaa ta'e kennuudhaan boordii dhaabbaatichaa eeyyamsisuun kaapitaala mata duree tokko irraa gara kaapitaala mata duree biraatti jijjiranii hojii irra oolchuun ni danda'ama.
5) Bajata kaapitaalatiin bittaan meeshaa yookan tajaajilaa yeroo gaggeeffamu, gatiin gabaa irraa ittiin bitamu bajata qabame %25 oliin caalee yoo argame A/T/T/ Dh/M/Otiif dhiyaatee eeyyamamuun irra jira.

### 19. Qophii karoora Bittaa

1) Dhaabbanni fi caasaan isa jalatti ijaaraman kamiyyuu sagantaa hojii karoorfaman hojii irra oolchuuf kan isaan barbaachisu bittaa yeroodhaan raawwachuuf kan dandeessisu karoora bittaa sagantaadhaan deeggarame yeroodhaan qopheessuu qabu
2) Bittaan raawwatamu kamiyyuu karoora irratti kan hundaa'e ta'uu qaba. Karoorri bittaa qophaa'us kaayyoowwan armaan gadii galmaan gahuu kan dandeessisu ta'uu qaba:
   a) Hojimaanni qajeelfama bittaa hojii irraa akka oolu gochuuf,
   b) Sagantaa hojii Dhaabbataa fiixaan baasuuf,
   c) Bittaa kukkutamanii raawwataman dhowwuudhaan hojimaata Dhaabbataa yeroo fi baasii akka qusatu gochuuf,
   d) Rakkoolee ykn sodaa raawwii bittaa irratti quunnamuu danda'an dursanii hubachuudhaan ittisuu.

**20. Fedhii Bittaa Addaan Baasuu, Sasaabuu fi Qindeessuu**

1) Dhaabbanni fi caasaan isaa fedhii bittaa yeroo qopheessu kan armaan gadii yaada keessa galchuu qaba.
   a) Fedhiin bittaa dhiyaate qabeenya Dhaabbata fi caasaa isaa harka jiruu fi tajaajila irra osoo hin ooliin jiraniin guutamuu kan hin dandeenye ta'uuisaa mirkaneessuu,
   b) Fedhichi omisha ykn tajaajila gabaa irra jiruun guutamuu kan danda'u ta'uu isaa mirkaneessuu,
   c) Fedhiin bittichaa qabeenya faayidaa irra hin oolle kan hin dabalannee fi Dhaabbaticha baasii hin barbaachifneef kan hin saaxille ta'uu isaamirkaneessuu,
   d) Keessattuu yeroo dheeraa akka tajaajilan yaadamee bittaa raawwatamu yoo ta'e, fedhiin bittichaa guddinaa fi fedhii gara fuulduraa uumamu yaada keessa kan galchuu qabu ta'uu isaa,
   e) Haallii dirqisiisaan hanga hin uumamnetti fedhiin dhiyeessaa idilee ykn sadarkaa gabaa irra jiru irratti kan hundaa'e ta'uu isaa mirkaneessuu,
2) Darektoreetiin/Adeemsi hojii Faayinaansii, Bittaa fi Bulchinsa qabeenyaa bittaa raawwataman fedhii bittaa funaanuudhaan fedhii Dhaabbaaticha fi caasaa isaa kan waaggaa beekuuf haala armaan gadii raawwachuu qabu:
   a) Qaamni bittaan gaggeeffamuuf fedhii bittaa isaanii kan waggaa bajata isaa waliin qindeessaanii akka dhiyeeffatan gaafachuu,
   b) Fedhii dhiyaate gosa bittaatiin, baay'inaan, sadarkaa qulqullinaa fi iddoo itti argamaniin adda baasuu,
   c) Meeshaawwan hojii ijaarsaa fi tajaajilawwan Dhaabbataa, Damee fiWarshaaf arifachisaan barbaachisan fi dursi kennamuuf qabu addabaasuu,
   d) Fedhiin dhiyaate dhiyeessaa gahaa kan qabu ykn kan hin qabne ta'uu isaa qulqulleessuu,
   e) Qoranoo Dhaabatichaan adeemsifameen tilmaama gatii bitichaaf barbaachisu baruu,
   f) Ibsi fedhii teekniikaa fayyadamtootaan qophaa'uu isaa ykn gara fuulduraa kan qophaa'u ta'uu kan mirkaneessuu ta'uu isaa.
3) Dhaabbanni fi Dameen fedhii sassaabe, ragaa qorannoo gabaa irraa argamu bu'uura gochuudhaan haalota armaan gadii tilmaama keessa galchuudhaan fedhii bittaa qindeessuu qaba.
   a) Hanga danda'ametti fedhii bittaa walfakkaatuu fi walitti dhiyaatu bakka tokkotti sassaabuu,

b) Bittaawwan bakka tokkotti raawwatamaniif dhiyeessaa gahaan gabaa irrajiraachuu isaa ykn bitticha gosa dhiyeessitoota jiraniin gargar qooduun dorgommii gahaan akka jiraatu kan dandeessisu ta’uu isaa mirkaneessuu,

c) Bittaa raawwachuuf haalli mijaa’aan jiraachuu isaa fi dhimmoonni gufachiissan kan hin jirre ta’uu isaa mirkaneessuu,

d) Hanga danda’ametti carraa dorgommii omishitoota biyya keessaaf haala bal’isuun bittaan akka gurmaa’u gochuu.

**21. Qophii Harshammee Bittaa**

Dhaabbanni bittaawwan meeshaa dheedhiif, meeshaa jijiirraaf, bittaa kaapitaalaa fi bittaawwan tajaajiloota adda addaatiif oolu yeroo yeroon fooyya’uu kan danda’u sanada caalbaasii sadarkaa isaa eeggate qopheeffachuun koree ragaasiisiftuu bittaaiin yaadn erga itti kennamee booda Manajimantii Daabbataaf dhiyeessuun ni mirkaneessisa.

**22. Gaaffii Bittaa**

Akka waliigalaatti gaaffiin bittaa harshamee meeshaan ittiin gaafatamu irratti hundaa’ee qaama meeshaa ykn tajaajila barbaaduun mana kuusaatiin kan qophaa’u yoo ta’u, yeroo gaafatamu:

1) Haala qajeelfama isaanii kennamu irratti hundaa’uun baayyina meshaa mana kuusaa jiraachuu maluu ol’ ykn gadii osoo hin darbiin ykn hin hanqatiin dursanii gabaasa gochuu,
2) Gaafiin bittaa yemmuuu dhiyaatu, meshaan gaafatame mana kuusaa keessa kan hin jirre ykn ammantaa jiraachuu qabuu gadi ta’uu isaa mirkaneessu,
3) Unka bittaa meshaan ittiin gaafatamu guutanii meshaan akka bitamu gaafachuu.

## KUTAA IV

### Malawwan bittaa fi raawwii isaanii

Bittaan yeroo gaggeeffamu akkaatuma amala meeshichaa ykn tajaajilichaa fi ijaarisichaa, akkasumas haalli dhiyeessii isaa itti gaafatame ilaaluun malawwan bittaa armaan gaditti ibsaman fayyadamuudhaan bittaa raawwachuu nidanda’u.

A. Caalbaasii ifaa,

B. Caalbaasii murtaa'aa,

C. Dhiyeesaa tokko irraa bittaa taawwatamu,

D. Bittaa sadarkaa lamaan raawwatamu

E. Bittaa dhiyeessa gatiitiin (Piroformaa) Raawwatamu

F) Bittaa yeroo hinkennine (Bittaa Aiifahciisaa)

Haa ta'u malee malawwan bittaa kaaniin fayyadamuuf haalli dirqisisaan yoo jiraate malee bittaan gaggeeffamuu qabu mala bittaa caalbaasii ifaatiin ta'uu qaba.

Dhaabbatichi bittaa raawwatu kamiyuu bittaa caalbasii ifaatiin ala mala biroon bitta raawachuuf yoo murteessuu sababa maaloota kanatti faayadamuuf filatee fi haala isaa kan ibsuu sanadaa qabachuu qaba.

**23. Bittaa Caalbaasii ifaa biyya keessaa**

**1. Haaldureewwan Caalbaasii ifaa biyya keessaa**

a) Dhaabbatinni ykn Dameewwan bittaa caalbasii ifaatiin raawwachuuf yemmuu murteessan sab quunnamtii kan akka raadiyoo, Televizinii, gaazexaa fi malawwan quunnamtii uwwisa bal'aa qabutti fayyadamuu qabu.

b) Dhiyeessitoonni fedhii Dhaabbataa/Dameewwani guutan biyya keessa bayyinaan jiraachuu isaanii mirkaneeffachuu qabu.

c) Meeshaa, tajaajjilli calbaasii ifaatiin bituuf gaafatame biyya keessatti qofa kanargamu ta'uun isaa yoo mirkanaa'e amma maallaqaatiin osoo hindaangeeffamiin bittaa raawwachuun ni danda'ama.

d) Qaamoleen bittaa raawwatan caalbaasii ifaatiin bittaa raawwachuuf sanada caalbaasii idilee dhaabbaanni qopheesutti gargaaramuun bittaa raawwachuu qabu. Adeemsa raawwannaa bittaaf tartiibawwan kana gaditti tarreeffaman hordofamuu qabu.

**2. Waamicha Caalbaasii**

1) Dorgomtonni lakkofsi isaani gahaa ta'e caalbaasii irratti akka qooda fudhachuu danda'an gochuuf waamichi caalbaasii gaazexaa fi miidiyaa adda addaa uwwisa bal'aa qabuun yoo xiqqaate al tokko maxxanfamee bahuu qaba.

2) Beeksifni waamicha caalbaasii qabxiiwwan ijoo armaan gadii qabaachuu qaba:

a) Maqaa fi teessoo Dhaabbaaticha ykn qaama waamicha caalbaasii taasisuu,

b) Gosa fi baay'ina meeshaa ykn tajaajila bitamu fi yoo danda'ame iddoo walharkaa fudhinsii itti raawwatu, gosa hojii ijaarsaa fi iddoo itti hojjetamu fi iddoo tajaajilli gorsaa itti kennamu,

c) Dorgomtoonni kaadhimamoo caalbaasicha irratti qooda fudhatan ulaagaalee guutuu qaban,

d) Iddoo sanadni caalbaasii itti argamu,

e) Hamma kabachiisa caalbaasii qabsifamuu qabu,

f) Sanada caalbaasii bitachuuf gatii kaffalamu fi haala itti kaffalamu,

g) Guyyaa dhumaa sanadni caalbaasii itti galii ta'u, iddoo fi sa'aatii itti banamu,

h) Qaamni bittaa raawwatu caalbaasicha gar tokkeen ykn guutumaan guutuutti haquudhaaf mirga qabaachuu isaa,

i) Dhimmoota dorgomtootaaf ibsamuu qabanii fi iddoo dorgomtonni odeeffanno itti argatan ibsu,

j) Afaan ykn qooqa yaadni dorgommii calbaasii ittiin qophaa'u.

**3. Sanada Caalbaasii**

Sanadni caalbaasii bittaa abbummaadhaan kan qophaa'u adeemsa bittaatiin ykn garee bittaatiin ta'e, bittaa murtee koree raggasistuun raawwatamuuf sanadni caalbaasii qophaa'u hojiirra osoo hin ooliin dura koree raggaasistuu bittaatiif dhiyaatee fudhatama argachuun isaa mirkanaa'uu qaba.

Sanada caalbaasii keessatti dhimmoonni gurguddoo hammatamuu qaban:

a) Qajeelfama dorgomtootaa/Instruction to biders/,

b) Ibsa meeshaa ykn tajaajilaa/Specification/,

c) Unkaa dhiyeessa yaada dorgomii caalbaasii/price schedule/ fi

d) Haalawwan waliigaltee/condition for contract/

**24. Qabiyyee Qajeelfama dorgomtootaa /Instruction to bidders/**

Qajeelfamni dorgomtootaa qaama sanada caalbaasii idilee ta'e qophaa'ee sanada caalbaasii taasisuun dorgomtootaaf kennuu qaba. Kaneeniis:

1) Dorgomtootni biyya keessaa tarreeffama dhiyeessitootaa keessatti galmaa'uu isaanii waraqaa ragaa qabaachuu akka qabu,
2) Dorgomtootni caalbaasii biyya keessaa gibira kaffaluu isaanii kan mirkaneessu ragaa Abbaaa Taayitaa galiiwwan naannoo ykn Federaalaa irraa ragaa kan dhiyessan, heyyama daldalaa haaraa ykn kan haaromfame dhiyeessuu akka qabu,
3) Dorgomaan biyya keessaa bittaa gatiin isaa qar. 100,000.00 ol' ta'e irratti hirmaatu kamiyyuu kaffalaa taaksii dabalata qabeenyaaf /VAT/ galmaa'uu isaa kan mirkaneessu waraqaa ragaa dhiyeessuu akka qabu,
4) Dorgomtootni biyya alaa biyya itti hundeeffaman irraa waraqaa ragaa galmeeffama kubbaaniyaa ykn heyyama daldalaa dhiyeessuu akka qabu,
5) Dorgomaan gocha malaammaltummaa fi qisaasa irraa bilisa ta'uu, seerota Federaalaa fi Naannoo kan kabajuu fi sanada yaada dorgommii fi sanada caalbaasii waliin unka jiru irratti waadaa seenuun mallatteessuu akka qabu.
6) Dorgomtoonni caalbaasicha gufachisuuf yaalan caalbaasii ala akka ta'an, gara fuulduraattis bittaa mootummaa irratti akka hin hirmaannee fi kabachiisa caalbaasii

qabsiissan akka dhaalaman ibsamuu qaba,

7) Caalbaasii kamiyyuu xiinxaluuf malawwan gamaaggamaa hojii irra oolan ykn tarreeffama ulaagaalee ykn qabxii ulaagaaleen tokko tokkoon qaban agarsiisu qophaa’uu qaba,
8) Sanadni yaada dorgommii dorgomtootaan dhiyaatu gosa meeshichaa, maqaa omisheessaa, biyya itti omishame, lakkoofsa modeelaa fi bara itti omishame facaatii agarsiisuu qaba,
9) Saamudni meeshaalee dorgomtootaan dhiyaachuun barbaachisaa yoo ta'e, saamudni barbaadamu bakka itti dhiyaatu fi akka barbaachisummaa isaatti yeroo fi iddoo dorgomtootaan itti ilaalaman akkasumaas, saamudota kanneen dorgomtoota caalbaasii mo'amaniif kan deebi'u ta'uu ykn deebi’uu kan hin dandeenye ta’uu,
10) Dorgomtoonni caalbaasichi erga banamee booda yaada dorgommii caalbaasii dhiyeessan irratti jijjiirama ykn fooyya'insa gochuu ykn caalbaasii keessaa bahuu akka hin dandeenye,
11) Bakka sanduuqni caalbaasii itti argamuu fi erga caalbaasiin cufamee booda sanadni yaada dorgommii dhiyaatu fudhatama akka hin qabne kan ibsu,
12) Wabummaa kabachiisa caalbaasii fi kabachiisa waliigaltee gaafatamee fi yeroo wabummaan itti dhiyaatu fi ragga’ee itti turu ibsu,
13) Malawwan caalbaasii gamaggamuuf itti fayyadamamu, ulaagaa gamaggama kanaaf barbachisu fi gahee qabxii ulagaan kun qabachuu qabu, akkasumas, dorgomtootni lamaa fi lamaa ol’ gamaggamaan qabxii wal qixaa yoo argatan, moo'ataa caabaasii addaan baasuuf yaada dorgomii haala itti dhiyaatuu fi ulaagaa isaa,
14) Yeroo gatiin caalbaasii ragga’ee itti turu fi bakka wal harkaa fudhinsaa ibsuu,
15) Dorgomtoonni sanada yaada dorgommii dhiyeessan irratti maqaa, teessoo fi mallattoo isaanii barreessuu akka qaban ibsuu,
16) Caalbaasichi postaa tokkoon ykn lamaan kan dhiyaatu ta’uu ykn akkaataa poostaan itti saamsaman, sanadoota orjinaalaa fi waraabbii, baay’ina waraabbii fi qaama aangoo qabuun kan mallatteeffamee fi chaapaa qabaachuu isaa,
17) Haala ragaan deeggaraa itti dhiyaatu fi bakka sanduqni caalbaasii itti argamu ibsuu,
18) Bittaa biyya keessaa dorgomtootni sanada caalbaasichaa irratti ibsa ykn gaaffii fooyya'insaa dhiyeessuu akka danda'aanii fi yaada foyya’insa bittaa biyya keessaaf guyyaa caalbaasiin banamuun guyyaa 5 dura ykn bittaa addunyaaf guyyaa 21 dura dhiyeessuu akka qabu,

19) Yeroo raawwii waliigaltee irratti sirreeffama gatii taasisuu kan hayyamamu ta'uu ykn dhiisuu isaa fi sirreeffamni gatii kan hayyamamu yoo ta'e haala itti raawwatamu,
20) Ilaalcha addaa omisha biyya keessaaf labsiidhaan hayyamame ibsu,
21) Dhaabbanni fi Caasaan isaa dorgomaa mo'ataa ta'ee filatame waliin waligaltee osoo hin mallatteesiin dura ykn eega mallattaa'ee booda hanga ji'a lama hin caalletti gatii ittiin mo'ate osoo hin jijjiiriin baay'ina dhiyeessi ajaja itti kennu irraa %20 hir'isuu ykn dabaluu akka danda'u,
22) Dorgomtootni adeemsa raawwii caalbaasii irratti komii yoo qabaatan komii iyyataan dhiyeeffachuuf mirga akka qabu,
23) Yeroo mo'ataa caalbaasii filatu safartuudhaan adda bahee hanga beekametti safartuu meeshaa ykn tajaajila tokkoon tokkoon gatii baaqqeen kennamee ykn haalawwan waliigaltee fi jechoota biroo osoo hin jijjiiriin hamma baayyina meeshichaa ykn tajaajilichaa hanga %20 hir'isuu ykn dabaluu kan danda'u ta'uu isaa sanada caalbaasii irratti ibsuu qaba.
24) Dhaabbanni caalbaasicha haquudhaaf mirga kan qabu ta'uun isaa ibsamuu qaba.

**25. Ibsa meeshichaa ykn tajaajilichaa / Specification /**

1) Dhaabbaanni, Dameen bittaawwan uumamaan walxaxaa ta'aan fi gatii ol'aanaa gaafataniif tarreefama fedhii teekniikaa qopheesuu qabu.
2) Dhaabbaannii fi caasaan isaa bittaa raawwataniif uumama inni qabuun, bu'aa argamsiisuun, ga'umsa teekniikaa isaatiin, amala hojimaata isaatiin ykn hojii karoorfame raawwachuudhaaf sadarkaa ga'umsa qabaniin tarreeffamni fedhii qophaa'uu qaba.
3) Ibsi meeshaa yeroo hundumaa qaama waligaltee ta'uudhaan dhiyeessii bittaa qulqullina ykn dirqamni galame sirnaan raawwatamuu isaa mirkanessuuf tajaajilu qaba.
4) Ibsi meashaa ogeeyyii kutaa bitta agaafateen kan qophaa'uu qabu yoo ta'u, bittaa walxaxaa fi gatii ol'aanaa qabaniif ogeeyyii alaa deggersa gaafachuu ykn gorsaa qaxaruudhaan qopheessisuun ykn hojjechisuun ni danda'ama.
5) Ibsi meeshaa yemmuu qophaa'u dhiyeessaa ykn mallattoo daldalaa ykn tajaajila kennaa muraasa agarsisuu hin qabu. Haa ta'u malee, meeshaalee ykn tajaajilli bituuf barbaadame dhiyeessaa ykn omishaa tokko qofa irraa kan argamu ta'uun isaa yoo mirkanaa'e, maqaa omisheessaa ykn tajaajila kennaa tuquun "ykn kan walfakkaatu" jecha jedhu itti dabaluun barbaachisaadha.

6) Fedhiin bittaa qophaa'u bu'aa dinagdee Dhaabbataa ammas ta'ee gara fuul duraatti bittaa irraa argachuu qabu kan qabatee fi dhimmoota bu'aa dinagdee Dhaabbatichaaf hin barbaachifne, kan hin qabanne ta'uu isaa mirkaneffachuu qaba.

7) Dhaabbaanni yeroo ibsa fedhii teekniikaa qopheessuu sadarkaa qulqullina Abbaaan Taayitaa Qulqullinaa fi Sadarkaa Ityoophiyaa ykn akka gosa bittichaatti qaama biroo dhimmi ilaaluun sadarkaa qulqullinaaf baasan qaama sanada caalbaasii taasisee baasuu ni danda'a.

8) Ibsi fedhii teekniikaa dhiyeessitoonni caalbaasicha irratti hirmaachuu barbaadan sanada dorgommii sirrii fi guutuu ta'e haala qopheessuu dandeesisuun tarreeffamani facaatii qophaa'ee kutaa sanada caalbaasiichaa keessaa tokko ta'uu qaba.

9) Ibsa meeshaa fi tajaajilaa qopheessuun yeroo hin danda'amnetti qaamni bittaa raawwatu sammuda meeshichaa akka dhiyeessu ykn akka dhiyaatu gochuu qaba.Kun yeroo ta'uttiis haalawwan armaan gadii eegamuu qabu:

a) Saamudni dhiyaatu omisheessaa tokkoon ykn mallattoo daldalaa tokkoon meeshaa hojjetame ta'uu hin qabu. Saamudicha waliin kan wal fakkaatu meeshaa biraa dhiyeessuu akka danda'an dorgomtoonni caalbaasii akka beekan taasiisuu,

b) Saamudni caalbaasichi osoo hin banamiin dura dhiyaachuu akka qabu,.

c) Dorgomtoonni caalbaasii saamudicha qaamaan dhiyeessuu kan hin dandeenye yoo ta'e, saamudicha ilaalchisee odeeffannoo qaban bifa suura guutuu ykn ga-tokkeen dhiyeessuu akka danda'an,

d) Dorgomtoonni saamuda dhiyeessan yemmuu xiinxalamutti uumama isaatiin yoo bade beenyaan hin kaffalamuuf. Saamudota xiinxala dura ykn booda hin dhabamne ykn hin badne dorgomtootaaf ni deebi'u. Dorgomtoonni saamudota dhiyeessan guyyaa bu'aan caalbaasii ibsame irraa kaasee ji'oota jaha (6) keessatti yoo hin fudhatiin, dhaalamee Dhaabbatichaaf galii ni taasifama.

**26. Unka dhiyeessa yaada dorgommii caalbaasii fi gabatee gatiin itti dhiyaatu/ guutamu (Price schedule)**

1) Dhaabbaannii fi caasaan isaa unkaa yaada dorgommii fi gabatee gatii akkasumas unkaalee dorgomtotaan guutamuu qaban jedhamee itti amaname kan biroo sanada caalbaasii keessatti akka hammatamu gochuu qabu.

2) Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa "1" irratti ibsameen gabateen dhiyessaa gatii qophaa'u akkaataa barbaachisummaa isaatti gatii, taaksii fi dhimmoota biroo adda baasee haala ifa ta'een kan agarsissuu fi xinxala caalbaasii kan safisiisuu ta'uu qaba.

3) Unkaan qophaa'u hanga danda'ametti dorgomtoonni yaada dorgommii ifa ta'e akka

dhiyessan kan dandeessisu, adeemsa caalbaasichaa kan hubachisuu fi gochi caalbaasicha gufachisuu akka hin raawwanne kan dhorkuu fi yaada dorgommi dhiyessaniif itti gaafatamummaa akka fudhatan kan dandessisu ta'u qaba.

**27. Haalawwan waliigaltee (Condition of contract)**

1) Qaamni bittaa raawwatu kamiyyuu sanada caalbaasii idilee keessatti kutaa tokko ta'ee kan qophaa'u waliigaltee waliigalaa fi unkaalee waliigaltee addaa kutaa sanada caalbaasii bittaaf qophaa'e gochuun dorgomtootaaf kennuu qaba.

2) Sanada caalbaasii idilee irratti haalawwan waliigalte waliigalaa irraatti fooyya'insaa taasisuun hin danda'amu.Waligaltee addaa irratti garuu akkaata gosa fi amala bittaa raawwatuun haalawwan waliigalte waliigalaa irratti keewwatoota tuquudhaan fooyyessuun ni danda'ama.

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa "1" irratti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee, haalli waligaltee akkaatuma amala bittichaatiin adda addummaa qabaatus dhimmoota armaan gadii qabachuu qaba.

a) Dirqama dorgomaa fi Dhaabbataa ifatti kan agarsisuu fi dirqamoonni Dhaabbataa qaamolee bittaa raawwatan irratti gataman seeraan kan fudhatama qabanii fi raawwatamuu kan danda'an ta'uu isaanii mirkaneessuu qaba.

b) Akka barbaachisummaa isaatti dhimmoota ijoo raawwii waligaltee yeroo fi iddoo walharkaa fuudhinsaa, haala saamsama meeshaa, itti gaafatamummaa geejibsiisuu, sirreeffama gatii, haala raawwii kaffaltii, haala sakata'insaa fi walharkaa fudhinsaa, wabummaa fi kan kana fakkaatan haala itti raawwataman ibsuu qaba.

c) Dhaabbanni, Dameen, Distiriiktiin, Paarkiin, Warshaan sanada caalbaasii idlee keessatti haala waliigaltee waliigalaa fi waligaltee addaa irratti dhiyeessaa waliin mallatteessuu qabu.

d) Dhaabbataa fi dhiyeessaa gidduutti yoo waligalteen mallatteeffame malee moo'ataa caalbaasii ibsuun qofa waliigalteen akka raawwatametti fudhachuun hin danda'aamu.

e) Dhiyeessaan yeroo waliigaltee keessatti meeshicha, tajaajilicha ykn hojii ijaarsa xumuree osoo hin raawwatiin ykn hin dabarsiin yoo hafe,

i. Gatii bittaa wal harkaa fudhiinsi hin godhamiin irratti guyyaa guyyaan %0.1 ykn 1/1000 adabbi ni kaffala.

ii. Adabbiin haala kanaan murtaa'u gatii caalbaasichaa keessaa %10 yoo guutee Dhaabbanni waliigaltee haquuf mirga qaba.

iii. Raawwannaan waliigaltee turuu isaatiin sochii hojii irratti rakkoo kan uumu yoo ta'e, Dhaabbatici adabbii %10 hanga guutuutti eeguu osoo hin dirqamiin akeekkachiisa kennee caalbaasicha haquu fi kabachisa waliigaltee dhaaluuf mirga qaba.

f) Bittaa meeshaa mala caalbaasii murtaa'aan raawwatamu, haalli addaa yoo jiraate malee ajajni bittaa kennamu akka waliigalteetti ilaalama.

**28. Qophii Ulaagaalee Gamaggama Caalbaasii**

1) Dhaabbannii fi caasaan isaa ulaagaalee sanadni caalbaasii ittiin gamaggamamu sanada caalbaasii irratti ifatti agarsisuutu irra jiraata.

2) Ulaagaan gamaggama caalbaasii akaakuu bittaatiin adda addumaa qabaatus, toftaalee filannoo bu'uraa armaan gadii lamaan keessaa tokkoon raawwatamu qaba.

a) Bittichaaf ulaagaa teekniikaa barbaachisaa ta'an (minimum requirement) guutan keessaa dorgomaa gatii xiqqaa dhiyeesse filachuu ykn

b) Faayidaa bittichi argamsiissu ykn ulaagaalee dinagdummaa murteessuu danda'uulaagaa fi ulfaattinni tokko tokkoon qabaatu ifatti sanada caalbaasii irratti ibsuun, ulaagaalee kanneen irratti hundaa'un xinxalamee ida'ama waliigala xinxala teekniikaa fi faayinaansiitiin dorgomaa qabxii ol'aanaa argate filachuu.

**29. Yeroo Caalbaasiin banaa ta'ee qilleensa irra itti turu murtessuu**

Dhaabbni fi caasaan isaa yeroo sanada caalbaasii qopheessan guyyaa dhumaa sanadni caalbaasii itti dhiyaatu murteessuuf dhimmota armaan gadii yaada keessa galchuu qabu.

1) Yeroo sanadni caalbaasii qophaa'u gosa bittaa fi hirmaanna uwwisa bitichaa, keessattuu bittaa walxaxaa ta'ee fi hin taane addaan baasuun bu'uraarmaan gadi jiru irratti ibsameen guyyaa dhumaa yaadni dorgommii caalbaasii itti dhiyaatu nimurtaa'a.

| TL | Gosa Bittaa | Walxaxummaa (Complexity) | Uwwisa hirmaannaa bittichaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | | | Caalbasii ifaa Adunyaa | Caalbaasii ifaa Biyyoolessaa | Caalbaasii Murtaa'aa | |
| | | | | | Dorgomtoonni biyya alaa kan irratti hirmaatan | Dorgomtoonni Biyya keessaa kan irratti hirmaatan |
| 1 | Hojii Ijaarsaa | Walxaxaa | Guyyaa 45 | Guyyaa 30 | Guyyaa 40 | Guyyaa 26 |
| | | walxaxaa kan hin taane | Guyyaa 35 | Guyyaa 21 | Guyyaa 30 | Guyyaa 21 |
| 2 | Meeshaa | Walxaxaa | Guyyaa 45 | Guyyaa 26 | Guyyaa 30 | Guyyaa 21 |
| | | walxaxaa kan hin taane | Guyyaa 35 | Guyyaa 15 | Guyyaa 25 | Guyyaa 10 |
| 3 | Tajaajila biroo | Walxaxaa | Guyyaa 45 | Guyyaa 26 | Guyyaa 30 | Guyyaa 21 |
| | | walxaxaa kan hin taane | Guyyaa 35 | Guyyaa 15 | Guyyaa 25 | Guyyaa 10 |
| 4 | Tajaajila gorsaa<br>• ibsa fedhii | Walxaxaa | Guyyaa 14 | Guyyaa 10 | - | - |
| | | walxaxaa kan hin taane | Guyyaa 10 | Guyyaa 7 | - | - |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| | • Dhiyeessa yaada dorgommii | Walxaxaa | Guyyaa 45 | Guyyaa 30 | Guyyaa 35 | Guyyaa 30 |
| | | walxaxaa kan hin taane | Guyyaa 35 | Guyyaa 15 | Guyyaa 21 | Guyyaa 15 |

2) Bittaan meshaa fi tajaajilaa walxaxaa hin taane haaluma armaan gadii irrattimul'atuun kan ibsameedha.

| **Meeshaawwaan** | **Hojii Ijaarsaa** | **Tajaajila gorsaa** | **Tajaajiloota kan biroo** |
|---|---|---|---|
| • Meeshaa barreeffamaa kan gabaaf qophaa'an.<br>• Meeshaa qulqullinaa kan gabaaf qophaa'an.<br>• Kompitara, Priintara fi mi'a kompitaraa waliin walqabatee kan gabaaf qophaa'an.<br>• Mi'a tajaajila biirootiif gabaaf qophaa'e.<br>• Gommaa fi Meeshaa jijjirraa adda addaa (kan konkolaataa,kan warshaa, kan maashinoota biiroo) gabaaf qophaa'an<br>• Mi'a elektirikaa, elektironksii fi kkf kan gabaaf qophaa'an.<br>• Maashinoota tajaajila biirootiif oolan kan gabaaf qophaa'an (Fkn maashina Faaksii, Footoo-koppii)<br>• Meeshaa ijaarsaa (fkn simintoo, sibiila)<br>• Meeshaa nyaataa fi nyaata bilchaate (Fkn Paastaa, missira )<br>• Boba'aa fi dibata adda addaa.<br>• Uffataa seeraa<br>• Kitaabotaa fi jornaalota. | • Haromsa gamoo<br>• Hojii haalluu dibuu<br>• Ijaarsa dallaa<br>• Hojii qoodiinsa kutaalee biiroo (Partition) | • Bittaa tajaajila adeemsi isaa qorannoo gad-fageenyan hinbarbaanne. (Methodolog y) | • Maxxansaa<br>• Suphaa konkolaata<br>• Kiiraa mi'a, meeshaa fi maashinaroota.<br>• Suphaa maashina fi mi'a biiroo<br>• Kiiraa konkolaataa.<br>• Keessuumeessaa hoteelaa.<br>• Suphaa eleektiiriikaa fi ujjumoo.<br>• Leenjii<br>• Tajaajila odiitii<br>• Eegumsa fi qulqulleessuu.<br>• Tajaajila bittaa<br>• Miidhagina fi sirreeffama mooraa<br>• Midhagina biiroo<br>• Biiroo kireeffachuu |

3) Yeroo bittaan mala bittaa dhiyyeessa tokko akkasumas mala bittaa dhiyeessa gatiin raawwatamuuf yeroo sanadni caalbaasii itti dhiyaatuu, gosa bittaa, ariifachisummaa isaa, walxaxinsa isaa, hirmaannaa uwwisa dhiyeessitootaa fi dhimmoota walfakkaatan bu'uura godhachuun ni murta'a.

4) Bittaan kan raawwatamu bu'uura mala bittaa sadarkaa lamaan yoo ta'u:

a) Sadarkaa 1ffaatti, gosa bitichaa bu'ura godhachuun yeroo turtii caalbaasiin ifaa adunyaa ykn caalbaasiin ifaa biyyoolessaa raawwachuuf hayyamameen kan raawwatamu ta'a.

b) Dorgomtonni biyya keessaa ykn biyya alaa sadarkaa 1ffaa irratti filatamani sadarkaa 2ffaa irratti akka hirmaataniif affeeraman yeroo caalbaasii murtaa'aaf eeyyamameen kan raawwatamu ta'a.

5)Yeroo caalbaasiin banaa ta'ee qilleensa irra turu ilaalchisee, yeroo gad aanaasanadni yaada dorgommii itti qopheessanii fi itti dhiyeessan ta'uun isaa hubatamee,akkaataa gosa bitichaa fi haala gabaa jirutiin dorgomtootaaf akkataa barbaachisumaa isaatti yeroo dabalataa kennuun ni danda'ama.

**30. Gurgurtaa Sanada Caalbaasii**

Gurgutaan sanada caalbaasii dhimmoota armaan gadii yaada keessa galchuu qaba.

1) Gatiin gurgurta sanada caalbaasii dorgomtoota heddu akka hirmaachisu ta'ee murtaa'u qaba.

2) Gatiin gurgurta sanada caalbaasii murtaa'u bu'aa argachuu kan giddugalessa hin godhannee fi baasii sanadicha qopheessuuf bahee uwwisuu qofa kan kaayyeefate ta'u qaba.

3) Dhaabbatichi dhimmoota armaan gadii tilmaama keessa galchuudhaan akka barbaachisummaa isaatti sanadni caalbaasii bilisaan akka kennamu ykn baasii qophii sanadichaatiif bahee gadiin akka gurguramu hayyamuu ni danda'u:-

a) Dorgomtoonni gahaan hin argamani jedhamee yoo yaadamu,ykn baasiin qophii sanadichaaf bahe baayyee gadi'aanaadha jedhamee yoo amaname,ykn

b) Tilmaamni baasiin qophii sanada caalbaasichaatiif bahe baayyee ol'aanaa ta'uu isaatiin baasii isaa guutumaan guutuutti dorgomtoonni akka uwwisan gochuun gatiin gurgurtaa caalbaasichaa baayyee ol'aanaa waan ta'uuf dorgomtoonni gahaan akka hin argamne godha jedhee yoo amanu,

c) Caalbaasichi irra deebiin akka bahu kan godhamee fi caalbaasii jalqabaa irratti dorgomuuf dorgomtoonni sanada bitan lammaffaa akka bitan gochuun sirrii ta'uu baachuun isaa mana hojichaatiin yoo itti amaname,

4) Dhaabbannii fi caasaa isaa sanada caalbaasii guyyaa beeksisni caalbaasii bahee kaasee hanga guyyaa fi sa'aati cufiinsaatti, haala beeksisa caalbaasii irratti ibsameen sa'aatii hojii Dhaabbataa kessatti dorgomtoota kaadhimamoof gurguruu qaba.

**31. Akkaataa Saamudni itti dhiyaatu**

1) Yeroo ibsa fedhii teekniikaa qopheessuun hin danda'amnetti, ykn ibsa fedhiiteekniikaa irratti dabalataan biticha caalmaan bu'a qabeessa taasisuu kan danda'amu saamuda ilaaluudhan ta'un yoo itti amaname Dhaabbaannii fi caasaan

isaa dabalataan saamuda dhiyeessuu ykn akka dhiyaatu gochuu ni danda'a.

2) Saamuda Dhaabbatichi ofii dhiyeessee dorgomtoonni saamuda dhiyaate bu'uuragochuun meeshaa akka dhiyeessan yeroobarbaadamu, Saamudni Dhaabbataandhiyaatu meeshaa omisheessaa ykn mallattoo daldalaa tokkoon omishameendaanga'uu hin qabu.Saamudichi dorgomtoonni hundaa bakka ifatti arguu danda'an taa'uu isaa fi yoo barbaachisaa ta'e ogeessi waa'ee saamudichaa ibsu ramadamuun irra jiraata.

3) Haala ibsa fedhii teekniikaa kennameefiin dorgomtonni saamuda akka dhiyeessan yeroo barbaachisu,

a) Gosaa fi baayyina saamuda dhiyaatuu, yeroo fi haala itti dhiyaatu dorgomtonni ifaan akka beekan taasifamuu qaba.

b) Saamudoonni caalbaasiin osoo hin banamiin dura kan dhiyaachuu qabu ta'ullee, dorgomaan saamudicha sababa humnaa oliitiin osoo hin dhiyeessiin yoo hafe fi Dhaabbanni raawwii bittichaa hin miidhu jedhee yoo amane yeroo dabalataa saamudni itti dhiyaatu kennuufii ni danda'a.

4) Dorgomtonni sammuda gaafatame qaamaan dhiyeessuuf yeroo hin dandenyetti fi sababa hin dandenyeef dhaabbanni yoo fudhate waa'ee sammudicha ragaa qaban bifa suraattin ykn kaatalogiin akka dhiyefatan hayyamamu ni danda'a. Ta'us dhimmi kun kan hojiira ooluu dorgomtoota gidduutti garagarumma kan hin umnee ta'unsa yoo mirkanaa'e qofa.

5) Dhaabbatichi sammuda dhiyaate sirnaan qabu fi sakata'uuf itti gaafatamummaa qaba. Haata'u malee sammuda yeroo sakata'aa manca'uuf itti gaafatamummaa hin qabu. Sammuda yeroo sakata'aa hin mancaanee ykn hin badne dorgomaani bu'aan caalbaasii ibsamee ji'a jaha keessatti fudhachuu qaba.  Sammuda ji'a 6 keessatti dorgomaan yoo hin fudhane dhaalamee Dhaabataaf galii ta'a.

6) Sammudni dorgomaa mo'ataa caalbaasii haala addatiin yoo murtaa'e malee qabamee kan turu ta'e sammudichi yeroo walharkaa fudhinsa meeshaa bittame akka safartutti walbira qabuuf akka tajaajilu taasifamuu qaba.

## 32. Ibsaa ykn Fooyya'insa Sanada Caalbaasii irratti Taasifamu

1) Dhaabbatinni sanada caalbaasii bittaa qopheesse irratti ibsa ykn gaaffii fooyya'insaa dorgomtoota kaadhimamoo kamiyyuu irraa dhiyaatuuf fudhateedeebii kennu qaba.

2) Yaadni armaan olitti ibsame jiraatus bittaa walxaxaa biyya keessaa guyyaa 30banaa ta'ee turuuf caalbaasiin cufamuuf guyyaa 10  gadi yoo isa hafu, bittaa

addunyaaf caalbaasiin cufamuuf guyyaa 21 gadii yoo isa hafu, akkasumascaalbaasii walxaxaa hin taaneef guyyaa 15banaa ta'e turuuf guyyaa 5 gadi yoo isahafu gaaffii dhiyaatuuf ibsa ykn foyya'insa gaafatameef deebii akka kennuu hindirqamu.

3) Deebiin gaafii foyya'insa sanada caalbaasii irratti kennamu barreefamaan ta'ee maqaan qaama gaafatee osoo hin ibsamiin dorgomtoota sanada caalbaasii bitatan hundaaf yeroo walfakkaatu keessatti ergamuu qaba.

4) Dhaabbannigaafii dhiyaate irratti hundaa'ee sanada caalbaasii yoo fooyyesse, dorgomtoonni yaada foyya'ee keessa galchaanii sanda yaada dorgommii isaanii qopheessuuf yeroon hafe hin ga'u jedhee yoo amaname guyyaa caalbaasiin itti banamu dheeressuu ni danda'a.

**i. Afaan Caalbaasii**

1) Qooqni beksisni caalbaasii itti ba'u, sanadni caalbaasii fi afaan caalbaasiin itti gaggeeffamu qooqa dorgomtoonni hundi dhaga'uu danda'aniin qophaa'uu qaba.

2) Dorgomtoonni/kaadhimamoon sanadoota fi ragaaleen dogommiif dhiyeessan, afaan eeyyamameen ala kan qophaa'an yoo ta'e, qaama seerummaa qabuun hiksisani dhiyssuu qabu.

**ii. Gatii Caalbaasii fi Sirreeffama Gatii**

Dhaabbannii fi caasaan isaagatiin dorgomtootaan dhiyaatu gatii dorgomtoota biroo irratti kan hin hundofnee fi yeroo caalbaasii fi raawwii waliigaltee keessatti kan hin jijjiiramne ta'u isaa mirkaneeffachuu qabu.

**iii. Yeroo Sanadni Yaada Dorgommii itti Ragga'ee Turu**

1) Dhaabbannii fi caasaan isaabittaa gaggeessan yeroo sanadni yaada dorgommii itti ragga'ee turu ofeeggannoon murteessuun sanada caalbaasii keessatti ibsuuqabu.Yeroo sanadni yaada dorgommii ykn gatiin caalbaasii itti ragga'ee turu akkaataagosa bittaatiin adda addummaa qabaatus yeroo isaa murteessuuf dhimmoonni armaan gadii yaada keessa galuu qabu.

   a) Haala walxaxinsa bitichaa fi yeroo adeemsi caalbaasii fudhatu.

   b) Baayi'ina dorgomtoota caalbaasicha irratti qooda fudhachuu danda'an.

   c) Bittawwan walfakkaatan xinxaaluu keessatti muxanno Dhaabbanni qabu.

   d) Haala jijjirama gatii bitichi gabaa keessatti qabu.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(tokko) jalatti haaluma ibsameen yeroo gatiin caalbaasii murtaa'e kan itti ragga'ee turu Dhaabbannii fi caasaan isaa bittaaf aangoon

kennameef biticha xinxaaluuf, raggaasisuuf, komiin yoo ka’e keessuummesuu fi dhaabbata mo’ataa waliin waliigaltee hanga mallateessamutti yeroo fudhatu yaada keessa galchuu qaba.

3) Sababa addaatiin yeroo caalbaasiin itti ragga’ee turu yoo murtaa’e malee yeroo sanadni caalbaasii itti ragga’ee turu guyyaa caalbaasiin baname kaasee hanga guyyoota 60 caaluu hin qabu.
4) Dhaabbannii fi caasaan isaa bittaaf aangoon kennameef adeemsa bittaa yeroo sSanadni yaada dorgommii itti ragga’ee turu keessatti xumuruu fi Dhaabbata mo’ate waliin waliigalteemallatteessuu qaba. Ta’us, sababa humnaa ol’ ta’eenadeemsi bitichaa osoo hin xumuramiin yeroo gatiin bitichaf dhiyaate raggaa’eeitti turu xumuraama jiraachuu isaa Dhaabbanni yoo hubate, dorgomtooni yeroo gatichi ragga’ee itti turu guyyoota dabalataaf akka dheeresaaniif barreeffamaan gaaffachuu qaba.
5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4(afur) irratti kan ibsame ibsame akkuma jirutti ta’ee, dorgomtoonni gaafi dhiyaateef fudhachuu didanii yeroo gatiin itti ragga’ee turu yoo dheeressuu baatan qarshiin kabachiisa caalbaasiif qabsiissan osoo hin dhaalamiin dorgommiicaalbaasiichaa keessaa akka bahan ni taasifamu.
6) Dorgomaan gaaffii foyya’insa yeroo gatiin itti ragga’ee turu dhiyaateef yeroo murtaa’e keessatti yoo deebii hin kennine gaaffiicha akka hin fudhanneettii ilaalamee dorgommiin ala taasifama.

**33. Kabachiisa Caalbaasii**

1) Dhabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef bittaa tajaajila gorsaan alabittaa kamiyyuu malawwan bittaa caalbaasii ifaa ykn caalbaasii murtaa'aa ykn bittaa gaaffii yaada dorgommii ykn caalbaasii sadarkaa lamaatiin yeroo raawwatan sanada caalbaasii keessatti wabummaa kabachiisa caalbaasii ifatti murteessanii ibsuu qabu. ta’us, barbaachisummaan isaa yoo itti amaname tajaajila gorsaatiifis wabummaa kabachiisa caalbaasii akka qabsiissan gaafachuun ni danda’ama.
2) Kabachiisni caalbaasiif qabamu gatii tilmama bittaa waliigalaa bu’uura godhachuun% 0.5 gadii kan hin taanee fi %5 kan hin caalle kabachiisa caalbaasii hanga maallaqaa murteessuun waamicha caalbaasii fi sanada caalbaasii keessatti ibsamuu qaba.
3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2(lama) irratti akkuma ibsameen hanga kabachiisa caalbaasii murteessuuf :
   a) Meeshaan ykn tajaajilli bitamu haalli gatii sadarkaa ol’aanaan geggeedaramaa ta’usaa,

b) Caalbaasii irratti kan hirmaatan dorgomtonni gahaa ta’an jiraachuu isaanii,

c) Kabachiisni caalbaasii dorgomtoonni akka dhiyeessan gaafataman caalbaasii irratti akka hin hirmaanne kan hindaangessine ta’uu isaa,

d) Dorgomaan mo’ataa ta’ee filatamu waliigalticha fedhiidhaan akka mallatteessu kan dhiibbaa taasisu ta’uu isaa,

e) Mo’ataa ta’ee dorgomaan filatamu waliigaltee mallatteessuuf fedhii hin qabaane yoo ta’e, kabachiisni caalbaasii qabsisame miidhaa dhaabbaaticha irra ga’u bakka buusuuf kan walmadalu ta’uu isaa.

4) Kabachiisni caalbaasii bifa wabummaatiin dhiyaatu akkuma filannoo dorgomtichaatti cheekii baankii irraa mirkanaa'een (CPO), haala irratti kan hin hundoofne wabbummaa baankii (unconditional bank guarantee) ykn ”Letter of credit” (unconditional LC) ta'uu ni danda'a.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4(afur) irratti kan ibsame akkuma eegametti ta’ee, hojii ijaarsaa irratti kan bobba’an kontiraaktaroonni biyya keessaa kabachiisa caalbaasii wabummaabaankii haala irratti hundaa’e yoo dhiyyeessan fudhatamaa ni qaba.

6) Kabachiisni caalbaasii dorgomtoota irraa dhiyaatu, guyyaa dhumaa gatiin caalbaasii raggaa’ee turuu booda yoo xiqqaate ji’a tokkoof raggaa’ee turuu qaba.

7) Dorgomtooni biyya ala baankii biyya alaatti wabummaan kabaachiisa caalbaasii qabsisaan baankoota biyyaa keessan kan mirkanaa’ummaa argate fi haala irratti kan hin hundofinee ta’u qaba.

8) Dorgomaan kamiyyuu sababa armaan gadiitiin maallaqaa wabummaan qabsise Dhaabbatichaan, Dameen, Distiriiktiin, Paarkiin, Warshaan dhaalamuu ni danda’a.

a) Dorgomaan dorgommii keessa erga galee booda bu’aan caalbaasii osoo hin beekamiin caalbasiicha keessaa ba’uuf gaaffii yoo dhiyeeffate, ykn bu’ura sanda caalbaasii irratti ibsameen yeroo gatiin sanda caalbaasii ragga’ee itti turu keessatti dorgomaan caalbaasii keessaa yoo bahe,

b) Dorgomaan caalbaasii mo’ataa ta’ee waliigaltee akka mallatteessu fi kabaachiisa waliigaltee akka qabsiissu gaafatamee waliigaltee mallatteessuu fi kabaachiisa waliigaltee gaafatame qabsisuu yoo dide.

c) Kabachiisni caalbaasii dorgomaa mo’ateef, kan deebi'uuf kabachiisa walii-galitee qaama bittaa raawwatuuf galii erga godhee booda ta'a.

## 34. Sanada yaada dorgommii fuudhuu

1) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef sanduuqa caalbaasii

dorgomtoonni sanada yaada dorgommii itti galchan qopheessuu qaba. Sanduuqni caalbaasichaa bakka waamicha caalbaasii irrattiibsametti, guyyaa waammichi taasifame irraa kaasee hanga dhuma sa'aatii cufamuuttibanaa ta'ee turuu qaba.

2) Nageenyi sanduqa caalbaasii eggamu kan qabu yoo ta'u hanga caalbaasichi banamutti furtun harkaa Abbaa Adeemsa hojii bittaatti qabamee turu qaba. Bu'uura kanaan sanada dorgomii dhiyaatee nagheenyi isaa eegamuu isaa abbaan adeemsa hojii ni mirkaneessa.

3) Sanadni yaada dorgommi kamiyyuu hanga danda'ametti sanduuqa caalbaasiif qophaa'e keessatti galuu qaba. Haata'u malee sanadni yaada dorgommii sanduuqa keessa galuu kan hin dandeenye yoo jiraate guyyaa waamichi caalbaasii taasifamee kaasee barreessaa koree caalbaasii /hojjataa koree keessa bakka bu'uun sanadni yaada dorgommii dorgomtootaan dhiyaatu ni fuudhama.

4) Guyyaa fi sa'atii dhumaa sanadni yaada dorgommii itti dhiyaatuu booda dhiyaatefudhamuu hin qabu. Haata'u malee, wabummaa kabachisa caalbaasiif maqaaDhaabbataan qabsiissan yoo jiraate akka deebi'uuf ni taasifama.

## 35. Baniinsa Caalbaasii

1) Caalbaasiin kan banamu akkaatuma waamicha caalbaasichaatti ykn sanada fooyya'insa taassifameen guyyaa, sa'atii fi iddoo ibsametti banamuu qaba. Caalbaasichi yeroo banamus:

   a) Sanadni yaada dorgommii dorgomtoonni ykn bakka bu'oonni bakka argamanitti banama. Ta'us, dorgomaan ykn bakka bu'aan baniinsa irratti osoo hin argamiin hafuun baniinsa caalbaasii hin dhorku.

   b) Hanga danda'ametti yeroo baniinsa caalbaasii odiitarri keessaa akka argamu nitaasifama.

   c) Baniinsa caalbaasii irratti yoo xiqqaate miseensoota koree bittaa keesaa walakkaa ol hirmaachuu kan qaban ta'ee hanga danda'ametti kutaa hojii fayyadamtoota ta'an irraa ogeeyyiin bakka bu'an sirna baniinsa caalbaasii irratti argamuu ni danda'u.

2) Yaada dorgommii caalbaasii poostaa tokkoon akka dhiyaatu kan gaafatame yoo ta'e, Dhaabbannii fi caasaan isaa bittaf aangoo qabu sanada yaada dorgommii dorgomtootaan dhiyaate banuudhaan maqaa dorgomaa, gatii dhiyaate, hanga hir'ifama gatii fi haala isaa, gosa kabaachisa caalbaasii fi ammantaa isaa fi dorgomtoota kaadhimamoo kamiyyuu sadarkaa isaanii beekuuf ni gargaara jedhamee yaadamu hunda dubbisuudhaan akka dhaga'an godhamuu qaba.

**36. Caalbaasichi poostaa lamaan (yaada dorgommi Faayinaansii fi teeknikaa) akka dhiyaatu kan gaafatame yoo ta'e:-**

1) Sirna baniinsa caalbaasichaa irratti poostaan dokumentii teekniikaa qabate akka banamuta'ee, enyummaa dorgomtootaa dabalatee qabxiiwwan yeroo sanatti ibsamuu qaban dubbifamanii dhagahamuu qabu.

2) Poostaan gatii, dorgomtoota hundaan dhiyaate koree caalbaasii bananiin mallatta'ee osoo hin banamiin hanga guyyaa baninsa marsaa lamaffaatti ofeeggannodhaanbarreessaa koree calbasii bittaa ykn qaama itti gaafatamummaan kennameefiin qabamee turuu qaba.

3) Gamaggamni teekniikaa godhamee firiin argame qaama aangoon kennamefiin erga ragga'ee booda firiin argame dorgomtoota caalbaasii irratti hirmaatan hundaaf yeroo walfakkaatu keessatti barreefamaan ibsamuu qaba.

4) Dorgomtoota yaadni dorgommii teekniikaa isaani fudhatama hin arganeef xalayaan barreeffamu sababa itti injiftaman kan ibsu ta'uu qaba. Dorgomtonni injifatamanis, komii yoo qabaatan guyyaa beeksiffaman ykn beeksifni gabatee irratti maxanfamee eegalee guyyaa shan keessatti barreeffamaan dhiyeeffachuu danda'u.

5) Dorgomtoota yaadni dorgommii teekniikaa isaani fudhatama argateef xalayaan barreeffamu guyyaa, sa'aatii fi iddoo baniinsaa kan ibsu ta'uu qaba. Xalayichis yeroo walfakkaatu keessatti akka isaan gahu gochuu fi dorgomtoonni fedhii qaban hundi sirna baniinsa caalbaasii poostaa gatii irratti argamuu akka danda'an yeroo gahaan kennamuufii qaba. Ta'us iyyannoon kan dhiyaate yoo ta'e, iyyannichi murtee hanga argatutti poostaan gatii banamuu hin qabu.

6) Bu'uura keewwata kana kewwata xiqqaa 5(shan) irratti waamicha taasifameen dorgomtoonni kaadhimamoon gamaggama teekniikaa darban ykn bakkabu'oonni isaani bakka argamanitti poostaan gatii akka banamu taasifama.

7) Dorgomtoota dorgommii gatiif darban bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 6(jaha) irratti ibsameen postaa isaani banuudhaan maqaa dorgomtootaa, gatii bitichaaf dhiyeesse, hir'ifama gatii yoo qabaate ammantaa isaa fi gatii wajjiin kallatiidhaan walitti dhufeenya kan qaban dhimmoota walfakkaatan biroo dorgomtoonni akka beekan godhamuu qaba.

8) Gamaggamni teekniikaa akkuma beekameen dorgomtoonni dorgommii teekniikaa hin dabarre kabachiisni caalbaasii qabsiisanii fi akkasumas poostaan dorgommii gatii qabateosoo hin banamiin ni deebi'aaf. Haa ta'u malee firii gamaaggama teekniikaa irrattikomiin kan dhiyaate yoo ta'e, iyyaticha irratti murteen

dhumaa hanga kennamutti poostaan dorgomtotaa, yaada dorgommii gatiif dhiyeessanis ta’e kabachiisa caalbaasiifkan qabsiissan hin deebi’u.

9) Koreen caalbaasii bittaa adeemsa baniinsa caalbaasii ilaalchisee qaboo yaa’ii qabachuu qaba. Qaboon yaa'ii qabamu kun maqaa dorgomtootaa, gatii dhiyeessan fi qabxiileebarbaachisaa sirna baninsa caalbaasii irratti ka’an kan qabaatu ta'a. Qaboo yaa'ii irrattikoree caalbaasii fi taajjabddoota baniinsa caalbaasii irratti argamaniin ni mallattaa’a.

10) Yeroo caalbaasiin banamu dorgomtootni ykn bakka bu’ootni argamanis, argamuu isaanitiif maqaan isaani galmaa'ee mallatessuu qabu.

11) Sanadnii yadaa dorgomii sirnaa baaninsaa calbaasii irratii osso hin baanamiin fi hindubbifamiin hafee kamiyyuu waldorgomii itti anuuf dhiyaachuu ykn taajajiluu hin danada’u.

**37. Caalbaasii xinxaluu fi Dorgomsiisuu**

1) Xinxala Sadarkaa Duraa

Calbaasichi guutuudha jedhamee gara adeemsa xinxala gadi fagenyaatti darbuu kan danda’u, sanadni dorgomtootaan dhiyaate yeroo sirna baninsaa kan banamee fi sanada caalbaasii keessatti haal durewwaan tarreeffarmani fi qabxiiwwan barbaachissan kan guutan ta’ee yoo argame qofaadha.

a) Dorgomtootni qabxiiwwaan armaan gaditti tarreeffaman hin guunne gara xinxala gadi fageenyaatti darbuu hin qaban.

i. Dhiyeessaan caalbaasicha irratti dorgome sadarkaa qulqullinaa Dhaabbanni barbaadu fi ulaagaalee murteessaa ta’an biroo kan hin guunnee fi ga'umsa kan hin qabne ta'ee yoo argame,

ii. Sirreeffama dogoggora herregaa godhame dorgomaa hin fudhanne yoo ta’e,

iii. Dhiyeessan tarreeffama dhiyeessitootaa keessatti kan hin galmeeffaminne yoo ta'e.

iv. Hayyama daldalaa haaromfamee fi gibiraa kaffaluusaa ragaa ibsu kan hin dhiyeeffanne, yoo ta'e.

v. Dorgomaan kabachiisa caalbaasii kan hin qabsisnee yoo ta’e,

vi. Ragaalee barbaachisaa Dhaabbataan gaafataman kan hin dhiyeesine yoo ta'e.

b) keewwata xiqqaa 39.1qubee “a’’ irratti kan ilaalame jiraatu illee, Dhaabbannii fi caasaan aangoon kennameef yeroo xiinxala gaggeessu dogoggora herregaa isa qunname sirreessuu ni danda’a. Tarkaanfii serreeffamaa fudhatamanis dorgomaa dhimmi ilaaluuf barreeffamaan beeksisamuu qaba. Dorgomaan sirreeffama herregaa raawwatame kana kan hin fudhanne yoo ta’e caalbaasii keessaa akka haqamuu ta’ee,

CPOn qabsiise ni dhaalama.

3) Xiinxala gadi fageenyaa taasissuu fi mo'ataa adda baasuu

a) Dhaabbannii fi caasaan aangoon kennameef mo'ataa caalbaasii filachuuf sanadoota yaada dorgommii xiinxala sadarkaa duraa irratti fudhatee fi ulaagaalee sanada caalbaasii irratti ibsamanitti fayyadamuun xiinxala gadi fageenyaan gochuu qabu. Ulaagaalee sanada caalbaasii keessatti ibsamaniin ala xiinxala gaggeessuun hin hayyamamu. Dhaabbanniifi caasaan aangoon kennameef bu'ura sanada caalbaasii irratti ibsameen mo'ataa caalbaasii filachuuf toftaa xinxala armaan gadii keessaa tokkotti fayyadamuun irra jiraata.

i. Poostaa tokkoon Sanada yaada dorgommii dhiyaatee ulaagaalee teekniikaa guutuu isaa mirkaneeffachuu fi dorgoomaa gatii xiqaa dhiyeesse,

ii. Poostaa lamaan Sanada yaada dorgommii dhiyaate ida'ama waliigala xinxala teekniikaa fi faayinansiitiin qabxii ol'aanaa dorgomaan argate,

b) Yeroo xinxaalli gaggeeffamu dorgomtonni lama fi lamaa ol' qabxii wal qixa ta'e yoo argatan, meeshaawwan biyya keessatti omishaman ykn tajaajila kennamaniif dursi ni kennamaaf.

c) Daldaltoota "VAT" tiif galmaa'anii fi daldaltoota "VAT"tiif hin galmaa'in waliin kan dorgoman yemmuu ta'u, madaalliif jecha gatii waliigalaa irraa gatii dabalataa "VAT"tiif dhiyaate hir'isuun, meeshichi ykn tajaajilichi seera "TOT" kan kaffalchisuu yoo ta'e, bitichaaf dhibbeentaa dorgomaan kaffalchisu irratti ida'uun dorgommiin akka gaggeeffamu ta'a.

d) Daldalaan "VAT"tiif galmaa'e kan mo'atu yoo ta'e, gatii duraan "VAT" waliin kennameen waliigalteen kan raawwatamu ta'a.

e) Caalbaasii ifaa yeroo lamaffaaf bahee dorgomaan tokko qofa yoo dhiyaatee, yaadni dorgommii inni dhiyeesse quubsaa, ulaagaa teekniikaa kan guutee fi gatiin isaas gatii gabaa ta'uun isaa, akkasumaas sababni hirmaannaa dorgomtoota biroo daangessu sanada caalbaasii keessa kan hin jirre ta'uun isaa yoo mirkanaa'e irra deebiidhaan caalbaasii baasuu osoo hin barbaachisiin dorgomaa qofaa dhiyaate mo'ataa gochuun ni danda'ama.

3) Dorgomtootni dandeetti teekniikaatiin %80 gadi argatan kufanii, qabxii %80 fi sanaan ol' aargatanii poostaan faayinaansii ni banama.

4) Toftaa 2ffaa (bu'uura 39.2.a.ii)tiin gamaaggamni caalbaasii yeroo gaggeeffamu qabxii ulaagalee teekniikaa, faayinaansii fi yeroof kennamuu qaban:

a. Bittaa ijaarsaa tiif, gamaggama teekniikaa %80, gatii %20

b. Bittaa meeshaa gamaggama teekniikaa %65, gatii %30 fi yeroo %5
c. Bittaa tajaajila gorsaa gamaggama teekniikaa %80, gatii %20
d. Bittaa tajaajila biiroo, teekniikaa %65, gatii %30 yeroo %5

**38. Irra Deebi'anii Caalbaasii Baasuu**

1) Caalbaasiin irra deebiin kan bahu, caalbaasii duraatiin yoo dorgomaan hindhiyaanne, gatiin mo'ataa caalbaasiin dhiyaate gatii gabaatiin ol' jedhamee yoo amanamuu fi garaagarummaan jirus bal'aa waan ta'eef irra deebi'ani caalbaasii baasuun faayida qabeessa yoo ta'e.

2) Kan dorgommiif dhiyaate dorgomaa tokko qofa yoo ta'ee fi ulaagaa dorgomaan tokko qofti itti dhiyaachuu danda'e sirnoota qajelfama kana keessatti diriiranii jiran osoo hineegiin kan dhiyaate yoo ta'e ykn Sanada caalbaasii irratti jijjirama gochuun dorgomtoota heddu argachuun ni danda'ama jedhame yoo amanamu.

**39. Caalbaasii haaquu fi dorgomtoota caalbaasii keessaa baasuu**

1) Caalbaasii haquu

a) Harshameen dorgomtoonni caalbaasii guutanii dhiyeessan qajeelfama dorgommii dhaabatichi qopheesse ykn ibsa gadi fageenyaa (specification) wajjiin tasumaa kan wal hinsimne ta'ee yoo argame

b) Dorgomtoonni adeemsa faallaa seeraa fi dambii caalbaasii kan deemanii fi walitidhufeenya hin malle uumuun isaanii yoo mirkanaa'e

c) Harshameen caalbaasii qophaa'e ykn ibsii gadifageenyaa isaa hanqina kan qabu ta'uun isaa yoo mirkanaa'e.

d) Gatiin caalbaasii dhiyaate bajata duraan qabame wajjin yeroo madaalamu garmalee caalee yoo argamee fi dorgomtoota tokkoffaa fi lammaffaa bahan wajjin walduraaf duubaan mariin godhamee waliigalteerra gahuun yoo dadhabame caalbaasichi akka haqamu ta'a.

e) Dhaabatichi yeroo barbaachisaa ta'eetti caalbaasicha gutummaaniis ta'ee walakkan akka haquu danda'u beeksiisa ittatti baasuun caalbaasicha haquuf sababni quubsaa jiraannaan caalbaasicha haqu ni danda'a.

2) Caalbaasii ala taasisuu

Dorgomaan kamiyyuu badiiwwan armaan gadii keessaa tokko yoo raawwate dhaabbatichi caalbaasiin ala gochuu ni danda'a.

a) Qajeelfama dorgommii dhaabatichi baase osoo hinguutiin yoo hafe

b) Dorgomaan sun kabachiisa caalbaasii, kabachiisa waligalteef gaafatame kan hinqabsiifne ta’uun isaa yoo mirkanaa’e.

c) Caalbaasiiwwan kanaan dura bahan irratti dirqama seene osoo hin kabajiin hafuu isaatiin caalbaasii mootummaa irratti akka hin hirmaanne dhoowwamee dhaabbanni keenya akka beeku kan taasifamee,

d) Dorgomtichi harshammee caalbaasii irratti gocha waliin dhahuu raawwachuun isaa ragaadhaan yoo mirkanaa’e dorgomaan sun dorgommii caalbaasii keessaa akka bahu taasifama.

e) Caalbaasii mo’achuuf hojjetaa ykn abbaa taayitaa kamiifiyyuu mooksaa kennuun isaa yoo mirkanaa'e,

f) Dorgomtoonni  sanada ykn ragaa sobaa yoo dhiyeessan

g) Gochi Qajeelfama kana cabsu raawwaamuun isaa kan mirkanaa’ee yoo ta’e

**40. Caalbaasii Raggaasisuu**

1) Hojjettoonni bittaa raawwatan ykn qaamni xinxala bittaa gaggeessu kamiyyuu yeroo gatiin itti ragga’ee turu osoo hin darbiin caalbaasii xinxalee yaada murteewaliin qaama raggaasisuuf aangoon kennameef dhiyeessuu qaba.

2) Qaamni caalbaasii akka raggaasisu aangoon kennameef bitichi akkaataa qajeelfama kanaan raawwatamuu isaa, xinxalli akkaataa ulaagaa sanada caalbaasii keessatti ibsameen gaggeefamuu isaa fi faayidaa Dhaabbataa kan eegsissu ta’uu isaa sakatta’ee murtoo caalbaasii raggaasisuu ni dabarsa. Haata’u malee murtoon darbu caalbaaasicha fudhacuu ykn fudhachuu dhiisuu ta’uu ni danda’a.

3) Qaamni biticha raggaasisu barbaachisaadha jedhee yoo itti amane gabaasa gamaggamaaf dhiyaate irratti qaamni gamagamicha raawwate ibsa akka kennuuf gochuu nidanda'a.

4) Qaamni bittaa raggaasissu yaada murtee gamaggama dhiyaate kan hin fudhane yoo ta'e, sababa isaa ibsuudhaan qaama duraan gamaggamicha raawwateef akka deebi'u kan godhu yoo ta'u, qaamni gamaggamicha duraan gaggeesses kallatii qaama raggaasissuu irraa kennameen gamaggamicha irra deebiidhaan raawwatee gabaasa sirreeffame dhiyeessuu qaba.

5) Kewwata kana kewwata xiqqaa 4(afur) irratti ibsame jiraatu illee qaamni gamaggamicha raawwate ykn miseensi garee ykn koree gamaggama caalbaasii gaggeessu kamiyyuu kallattii qaama raggaasistuu irraa kennameen ykn bu'aa gamaggamichaa irratti kan walii hin galle yoo ta'e yaada gamaggamichaa irratti waliihingalle barreeffamaan ibsamee bu'uura murtee qaamni bittaa raggaassise

kenneen bittaan akka raawwatu ta'a.

**41. Mo’ataa Caalbaasii Beeksisuu**

1) Dhaabbannii fi caasaan aangoon kennameef yeroo walfakkaatutti dorgomtoota Caalbaasii keessatti hirmaatan hundaaf firii caalbaasii barreeffamaan ibsuu qaba.Barreeffamni dorgomtoota mo’amaniif ibsamu sababa mo’amaniif kan ibsuu fi mo’ataan enyuu akka ta’e kan agarsisu ta’uu qaba.

2) Xalayaan dorgomaa caalbaasicha mo’ateef ergamu akka waligalteetti tajaajiluu hin danda’u. Dhaabbataa qaama bittaaf aangoon kenname fi dorgomaa gidduutti waliigalteen akka raawwatetti kan lakka’amu waliigalteen facaatii dhimmoota hammate qaama waligaltee mallateessuuf gama Dhaabbataan angoon keennameef fi mo’ataa waliin yoo maallataa’ee qofaa dha.

3) Xalayaan beeksisaa mo’ataa caalbaasiif waligaltee akka mallatessuuf barreefamu kan armaan gadii qabachuu qaba.

   a) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef sanada yaada dorgommii dorgomaandhiyeesse kanfudhate ta’u isaa,

   b) Gatii waliigala waliigalteen itti mallataa’u,

   c) Hamma kabachiissa waliigaltee dhiyeessaan qabsiissuu qabuu fi yerookabachiisni itti ragga’ee turuufi

   d) Guyyaa dhumaa waliigalteen mallattaa’u.

4) Mo’ataan caalbaasii waliigaltee mallattessuu yoo dide mo’ataa lammaffaa irraa bittaa gaggeessuun faayidaa argamsiissu madaalun mo’ataa taasisanii filachuun ni-danda’ama.

5) Mo’ataan caalbaasii akkuma waliigaltee mallattesseen kabachiisni caalbaasii dorgomtoota mo’amaniif deebi’uu qaba.

**42. Kabachiisa Waligaltee**

1) Bittaa dhiyeessa gatii fi tajaajila kiraa irraa kan hafe waliigaltee biroo kamif iyyuu kabachiisa waliigaltee qabsifamuu qaba.

2) Dorgomaan caalbaasii mo’ate mo'achuun isaa guyyaa ibsameef irraa kaasee guyyoota10 keessatti gatii bittaa irraa %10 kabachiisa waliigaltee bittaa qabsiisuun waliigaltee mallatteessu qaba.

3) Dhiyeessaan bu’ura waliigalteetiin dirqama isaa yoo bahuu baate kabachiisniwaliigaltee guutummaan guutuutti nidhaalama. Miidhaan gahe kabachiisawaliigaltee ol’ yoo ta'e, Dhaabbannii fi qaamni bittaaf aangoon kennameef garaagarummaa isaa dhiyeessicha irraa seeraan gaafachuu ni danda'a.

4) Mo’ataan caalbaasii mo'achuun isaa guyyaa ibsameef ykn haala raawwii bitichaa irratti ol’iyyannoon kan itti dhiyaate yoo ta'e ykn ol’iyyannicha irratti guyyaa murteen itti kenname irraa kaasee guyyoota 10 keessatti kabachiisa waliigaltee kan hin qabsiifne yoo ta'e Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef kabachiisa caalbaasii dhaaluu ni danda’a.

5) Qaamota waliigaltee mallatteessan lamaaniin haala addaatiin yoo murtaa’e malee waliigalteen haala waliigalameen yoo xumurame kabachiisni waliigaltee qaama qabsiiseef ni deebi’a.

**43. Kaffaltii Dursaa**

1) Dhaabbannii fi qaamni bittaaf aangoon kennameef bittaa yeroo raawwatu akka barbaachisummaa isaatti, gatii waliigalaa waliigaltichaa keessaa hanga %30 kan gahu kaffaltii dursaa kennuu ni danda’a. Hangi kaffaltii dursaa kennamus qajeelfama dorgomtootaa keessatti ibsamuu qaba.

2) Kan kanaa olitti lakk 45.1 jalatti caqasame akkuma jirutti ta’ee kubbaaniyoonni meeshaalee adda addaa alaa fichisiissan bittaan gaafatame faayidaa dhaabbatichaaf kennuu fi argachuun meeshichaa madaala keessa galchuudhaan hanga %50 guddissuun ni danda’ama.

3) Dhiyeessaan akkaataa waliigalteetiin kaffaltii dursaa gaafatuuf wabummaa walqixa ta’e kan haala irratti hin hundofne baankii irraa dhiyeessuu qaba. Haala bulchiinsa kaffalti dursaa kana ilaalchisees qaamoleen lamaan waliigaltee adda mallatessuu qabu.

4) Kaffaltiin dursaa kenname haala waliigalteetiin yeroo yeroon gaaffii kaffaltii dhiyaatu ykn dhiyeessii raawwatamu keessatti hir’achuu qaba.

5) Kafaltiin durasaa keewwata kanaa olitti 45.1 hanga 45.4 irratti caqasame akkuma eegametti ta’ee, meeshaawwan ijaarsaa iddoo hojii ijaarsaatti argamu gatii isaa irraa hanga %50tti kafaltii raawwachuun ni danda’ama. Haa ta’u malee qaamni bittaa raawwatu hanga %50tti kafaltii osoo hin raawwatiin dura tarkaanfiiwwan of eegganoo armaan gadii fudhachuu qaba.

a) Kontiraaktaroonni hojii ijaarsaa kamiyyuu kafaltii gaafataniif meeshaawwan ijaarsaa iddoo ijaarsaa irratti argamaniif gatii meeshaan itiin bitame kan agarsiissu nagaheen dhiyeessan sirrii ta’uussaa qaama bittaa ijaarsaa raawwatuu fi gorsaadhaan mirkanaa’uu qaba.

b) Meeshaan ijaarsaa iddoo ijaarsaatti argamu hojii irra akka oolu yeroo taasifamu kafaltiin raawwatame kafaltii

itti aanu irraa hiri'famuu qaba.

c) Meeshaawwan iddoo ijaarsa tokkotti argaman hojii ijaarsa biraaf akka galteetti fayyadamuus ta'ee kaayyoo biraatiif oolchuun hin danda'amu.

d) Meeshaawwan iddoo ijaarsaa irratti argamaniif kafaltiin akka raawwatamu gaafii dhiyeessu wajjin meeshaawwan iddoo ijaarsaatti tuulamanii argamaniif balaan ykn miidhaan yoo irra gahe ykn yeroo dheeraaf osoo hojii irra hin ooliin turuudhaan yoo manca'e hanga miidhaan irra gahe bakka buusuu akka danda'uuf ragaa Inshuraansii dhiyeessuu qaba.

6) Kan kanaa olitti ibsaman akkuma eegametti ta'ee,waldaa IMXf kafaltiin dursaaf raawwatamu herrega waliin baankii keessatti banamee waliigaltee waliin qunnamtii kan qaban baasii adda addaatiif mallattoo waliiniitiin kafaluu ni-danda'u. Kafaltiin dursaa waldaa IMXf raawwatamu itti fayyadama isaa ilaalchiseewaliigalteen addaa raawwatamuu qaba.Waliigalteen raawwatamus kan kanaa gaditti ibsaman qabachuu qaba.

a) Bu'ura waliigalteetiin waldaa IMXf kafaltiin dursaa raawwatamu dhimma barbaadame qofaaf kan oolu maqaa qaama barbaadameetiin herrega addaa keessa akka taa'u,

b) Maallaqni baankii keessaa bahee kafalamu haala waliigaltee keessa taa'een mallattoo waliigaltee kennaa fi fudhataan ta'uu akka qabu,

c) Kafaltiin raawwatamu maallaqni duraan bahe barbaadameef hojii irra ooluu isaa yoo mirkanaa'e dha.

**44. Waliigaltee Mallatteessuu**

1) Dhaabbanni yeroo bittaa caalbaasii gaggeeffamu dhiyeessitoota waliin waliigaltee mallatteessuu qaba.

2) Waliigalteen dhiyeessaa fi dhaabbata giddutti taasifamu dirqama qaama lamaanii

a) Ifaanhaala agarsiisuun tajaajila seeraa dhaabbatichaatiin kan qophaa'u yoo ta'u, dhimmoota armaan gadii qabachuu qaba.

b) Meeshaan, hojiin ijaarsaa ykn tajaajila gorsaa fi kan biroo waliigalteen kan dhiyaatu, gosa, baay'ina, qulqullina, haala itti dhiyaatu, yeroo dhiyaatu, iddo dhiyaatu, gatii tokko fi waliigalaa kaffalamu haala kaffaltii fi yeroo kaffaltii argisissuu qaba.

c) Qaama sadaffaa irraa tajaajila argamu kan akka geejibaa, inshuraansii, tiraanziitii fi

kkf enyuun akka raawwatamu kan ibsamuu qabu yoo ta’u itti gafatamummaan isaaniis qaama ga’umsa qabuun raawwatamuu akka irra jiraatu ibsamuu qaba,

d) Hir’ifama gatii dhiyeessan sanada yaada dorgommi irratti ibse ykn haalawwanbiroo fi raawwii isaanii ifatti ibsamu qaba,

e) Yeroo bulchiinsa waliigaltee waldiddaan uumamu haala itti hikamu,

f) Dorgomaan biyya alaa gatii waliigalaa itti waliigale keessaa kaffaltii sharafa biyya alaatiin kaffalamuu qabu fi kan sharafa biyya keessaatiin kaffalamu,

g) Qaama waliigaltee kan ta’an sanadota bittaa fi daangaa raawwatinsa isaanii,

h) Kabachiisni waliigaltee qabame haala itti dhaalamuu danda’u,

3) Dhiyeessaan yeroo waliigalteen kaa’ame keessatti meeeshiha dhiyessuu yoo dadhabe tarkaanfii seeraa fudhatamu haala armaan gadiitti ibsameen ta’a.

a) Dhiyeessaan akkaataa waliigaltetiin osoo hin dhiyessiin hafe guyyaa guyyaadhaan gatii waliigalaa irraa beenyaa hubaatii %0.1 ykn 1/1000 shallaguun ida’ee kaffala.

b) Adabbiin haala kanaan shallagamu gatii waliigalaa %10 caaluu hinqabu.

4) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoo kennameef ittigaafatamummaa fi dirqamoota sanada waliigalteeirratti kaa’amani of eegannoon xiinxaluun kan irra jiraatu yoo ta’u, dirqamoota sadarkaa isaanitti raawwatamuu hin dandeenye fudhatanii waliigaltee mallatteessuu hin qaban.

5) Haallii adda biraa yoo uumamee malee dorgomaan mo’ataa caalbaasiichaa erga mo’achuun isaa itti himamee eegalee guyyaa 15 keessatti dhiyaatee waliigaltee mallatteessuu qaba.

6) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoo kennameef firii caalbaasichaa ykn komii dorgomtootaaf guyyaa ibseemee kaasee guyyaan hojii 5(shan) osoo hin guutiin dura waliigaltee bittaamallatteessuu hin qabu.

**45. Bittaa Caalbaasii Ifaa Addunyaa**

Dhaabbanni bittaa meeshaa ykn tajaajilaa bay’ina qabu yeroo gaggeesu faayidaa kan argamsiisuuf ta’uu isaa yoo amane ykn caalbaasii biyya keessaatiin dorgommiin bu’a qabeessaa ta’e jiraachuu akka hindandanda’amne yoo itti amane bittaa caalbaasii ifaa sadarkaa adunyaatti baasuun irra jira.

Beeksisni caalbaasii isaas gaazexaa fi maxxansa sadarkaa adunyaatti tamsaasaa bal’aa qabu irratti bahuun qaba.Mala bittaa caalbaasii ifa Adunyaa kan raawwatamuu danda’u daangaan maallaqa bittaa kan armaan gaditti ibsameen ol ta’uu dha.

a)Hojii Damee Ijaarsaaf qarshii 100,000,000.00 fi isaa ol,

b) Bittaa meeshaaf qarshii 30,000,000.00 fi isaa ol,

c) Tajaajila gorsaaf qarshii 5,000,000.00 fi isaa ol,

d) Tajaajila biiroof qarshii 14, 000, 000.00 fi isaa ol dha.

1. Halduree Bittaan Biyya alaa itti gaggeeffamu
   a) Bittaa biyya alaa raawwachuun kan danda'amu meeshaa bittaaf barbaadame dhiyeessitoota biyya keessaa irraa argachuun kan hindanda'amne ta'uun isaa yoo mirkanaa'e ta'uu qaba.
   b) Bittaan biyya alaa kan gaggeefamuu qabu bu'aa qabeessummaan isaa qorannoon gabaa gaggeeffamee Maanajimantii Dhaabbatichaan yoo mirkanaa'e qofa ta'uu qaba.

**2.** Qajeelfama kana keessatti raawwii bittaa caalbaasii ifaa biyya keessaatiif kan taa'e irratti dabalataan raawwiin bittaa caalbaasii ifaa addunyaa kan armaan gadii uwwisuu qaba**.**

a) Beeksifni waamicha caalbaasii fi sanadni caalbaasii kan qophaa'u afaan Ingiliffaan ta'uu qaba.

b) Waamichi caalbaasii addunyaa dorgomtoota gahaa argachuudhaaf kan gargaaru akka barbaachisummaa isaatti weebsaayitii dhaan dabarsuun ni danda'ama.

c) Tarreeffamni fedhii qophaa'u sadarkaa qulqullina biyya keessaa kan guutee fi addunyaa irratti fudhatama kan qabu ta'uu qaba.

d) Dorgomtonni biyya alaa gatiin dorgommii fi kabachiisa caalbaasii dhiyeessan maallaqa daldalli addunyaa ittiin hojjetamuu fi akka salphaatti sharafamuu kan danda'u ta'uu qaba.

e) Qajeelfama kana hanga hin faallessinetti waliigalteen bittaa addunyaa haalawwanifi jechoota waliigaltee daldalli addunyaa ittiin adeemsifamu irratti hundaa'uun raawwatamuu qaba.

f) Waliigalticha keessatti haala addaatiin yoo heyyamame malee walitti bu'insi yeroo raawwii waliigaltee uumaman seerota Itoophiyaatiin kan murtii argatan ta'uu qaba.

**46. Bittaa Sadarkaa Lamaan Raawwatamu**

1) Bittaan caalbaasii sadarkaa lamaan raawwatamu qajeelfama kana keewwata 23 fi 47 irratti haala ibsameen akkaataa gosa bittaatiin sirna caalbaasii ifaa biyya keessaa ykn bittaa addunyaaf diriire hordofee ta'a.

2) Keewwata xiqqaa 48.1. irratti kan ibsame jiraatus caalbaasii sadarkaa lamaan bittaan raawwatamu haalawwan addaa armaan gadii hordofuudhaan kan raawwatamu ta'a.

3) Waamicha caalbaasichaa irratti bittichi caalbaasii sadarkaa lamaan kanraawwatamu ta'uu isaa ibsamuu qaba.

4) Caalbaasii marsaa duraatiin dorgomtoonni kabachiisa caalbaasii akka dhiyeessan hin gaafataman.

5) Sanadni caalbaasii marsaa duraatiif qophaa’u fedhii waliigalaa dhaabbata keenyaa kan ibsu ta’ee kaayyoon isaa yaadota dorgomtoota irraa dhiyaatan irratti hundaa’uudhaan tarreeffama ibsa fedhii teekniikaa qopheessuu waan ta’eef gaaffilee barbaachisaadha jedhaman fi ibsawwan hammachuu qaba.

6) Caalbaasii marsaa duraa irratti dorgomtoonni argamuu osoo hin barbaachisiin sanada yaada dorgommii fedhii teekniikaa dorgomtootaan dhiyaate haalawwan waamicha caalbaasii keessatti ibsamaniin akka banamu nigodhama.

7) Marsaa duraa irratti dorgomtoonni kaadhimamoo fudhatama argatan dorgommii caalbaasii marsaa lammaffaaf waamicha kan godhamuuf yoo ta’u kabachiisa caalbaasiis akka dhiyeessan ni taasifama.

8) Dhaabbatinni dorgomtoota kaadhimamtootaaf marsaa isa duraa darbaniif sanada caalbaasii marsaa lammaffaaf qophaa’e erguufii ykn dhiyaatanii akka fudhatan gochu qaba.

9) Armaan olitti keewwata xiqqaa 48.7 irratti akka ibsametti waamichi dorgomtoota kaadhimamtootaaf darbu dorgomtoonni kaadhimamoo sanada caalbaasii qophaa’e fudhachuuf haalawwan guutanii argamuu qaban ifatti agarsiisuu qaba.

**47. Bittaa Caalbaasii Murtaa'aa**

1) Bittaan caalbaasii murtaa’aan raawwatamu waamicha isaa irraa kan hafe qajeelfama
kana keewwata 23 fi 47 irratti ibsame caalbaasii biyya keessaa fi biyya alaa irratti sirna tarreeffamaan ibsame hordofee kan raawwatamu ta’a.

2) Bittaan caalbaasii murta’aa haalawwan armaan gadii irratti hundaa’u dhaan kan raawwatamu ta’a

3) Meeshichi ykn hojiin ijaarsichaa ykn tajaajilichaa dhiyeesitoota murtaa’aa ta’an biratti qofa kan argaman yoo ta’e, xalayaan waamichaaa dhiyeessitoota hundaaf teessoo isaaniin qophaa’ee ergamuu qaba.

4) Bitichi haalduree bittaa caalbaasii murtaa’aa keessatti kan kufuu yoo ta’ee fi daangaa mallqaaa ibsamee keessatti kan kufuu yoo ta’e dhiyeesitoota facaatii dhiyeessitootaa keessatti galmaa’an keessaa haala loogii irraa bilisa ta’een yoo xiqqaate dorgomtoota shan (5) filachuudhaan dorgommiif akka dhiyaatan godhamuu qaba.

5) Dhaabbanni dorgomtoota caalbaasii murtaa'aa irratti hirmaatan maalummaa isaanii dorgomtoota kaadhimamoo birootti beeksisuu hin qabu.

6) Dhaabbatinni sanada caalbaasii dhiyaate kaffaltii malee dorgomtoota kaadhimamoof kennamuu qaba jedhee yoo amane xalayaa waamicha caalbaasii waliin sanada caalbaasii wal qabsiisee erguu ni danda'a.

7) Mala bittaa caalbaasii murtaa'aa fayyadamuun kan danda'amu meeshaan ykn tajajilli ykn gorsaa fi ijaarsi bitamu gatiin waliigala bittaa daangaa maallaqaa kanneen armaan gadii kan hin caallee yoo ta'e qofaa dha.

| **T/L** | **Gosa bittaa** | **Daangaa Maallaqaa Qarshiidhaan** | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | | **Dhaabbata** | **Damee** | **Distiriiktii** | **Paarkii** |
| 1 | Bittaa Damee Ijaarsaatiif | 5,000,000.00 | 3,000,000.00 | 20,000.00 | 20,000.00 |
| 2 | Bittaa meeshaatiif | 1,500,000.00 | 1,000,000.00 | - | - |
| 3 | Bittaa tajaajila gorsaatiif | 700,000.00 | - | - | - |
| 4 | Bittaa tajaajila Biirootiif | 400,000.00 | 500,000.00 | - | - |

8) Bittaa caalbaasii murtaa'aan raawwachuuf haalawwan armaan gadii tartiibaan taa'een guutamuu isaanii mirkanessun barbaachisaadha.

9) Bittaa hojii ariifachiisaatiif barbaadamanii gama dhaabbatichaatiin kan itti amaname ta'uu qaba.

10) Bittaa raawwachuuf beeksifni caalbaasii ifaa yoo xiqqaate yeroo lama bahee dorgomaan tokkollee kan hin hirmaanne ykn caalbaasii yeroo lammaffaf baheirratti dorgomtoonni dhiyaatan tarreeffama fedhii teekniikaa dhaabbatichaa kan hinguutne yoo ta'ee;

11) Dorgomtootni caalbaasii murtaa'aa irratti afeeraman hundi yeroo caalbaasiin qilleensarra turu dursanii sanada dorgommii yoo dhiyeessan, caalbaasicha banuuf yeroo dhumaa kenname eeguun osoo hin barbaachisiin qaamni bittaa raawwatu caalbaasichi akka banamu murteessuu fi dorgomtoota hundaaf beeksisuudhaan akka banamu taasisuu ni danda'a.

**48. Bittaa Kallatti ykn Dhiyeessaa Tokko irraa Raawwatamu**

1) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef bittaa dhiyeessaa tokko irraa gaggeessuu kan danda'an meeshichi ykn tajaajilichi dhiyeessaa (fichisisaa) tokko qofaa irraa kan argamu yoo ta'e ykn meeshicha ykn tajaajilicha dhiyeessudhaaf mirga kan qabu dhiyeessicha qofa yoo ta'edha.

2) Bittaan meeshaa ykn Tajaajilaa dhiyeesitoota hedduudhaan dhiyaachuu kan hindandeenyee fi amala isaatiin yeroo murtaa'e qofa kan dhiyaatu yoo ta'e, qaama meeshicha omishee ykn dhiyeessaa meeshichaa ta'e qofa irraa kan argamuta'uun

isaa yoo mirkanaa’e kalattiin bituun ni danda’ama.

3) Pirojektoota adeemsifamaa jiran irratti pirojeekticha xumuruuf meeshaa dabalataan yoo barbachisee fi bittaa meeshaa adda addaa arifachisaan dabalataan barbachisan yoo quunname dhiyeessaa duraan caalbaasii injifatee dhiyeesse irraa yeroo waligalteen xumurame irraa eegalee baatii jaha keessatti gatii duraan dhiyeesseen hang isaa hamma bittaa duraan raawwatame %25 kan hincaalle yoo ta’e mala bittaa kalattiitiin bituun ni danda’ama.

4) Dhaabbanni/Dameen meeshaa itti fayyadamuuf meeshaan jijjirraa barbaachisu kan argamu dhiyeessaa duraan meeshicha dhiyeesse qofa irraa ta’uun isaa yoo mirkanaa’e dhiyeessaa tokko irraa bittaa raawwachuun ni danda’ama. Ta’us raawwii keewwata xiqqaa kanaaf dursa haalawwan armaan gadii guutamuun isaanii yoomirkanaa’e dha.

   a) DhaabbatinniCaasaan bittaaf aangoo qabu qorannoo gabaa gahaa ta’e gaggeesanii filannoo fooyya’aa biroo kan hin jirree ta’uun isaa mirkaneessuu qabu,

   b) Bittaan dhiyeessaa biroo irraa akka raawwatamu yoo taasifame meeshichi ykn tajaajilli bitamu meeshaa ykn tajaajila Dhaabbaatichi itti fayyadamu waliin walsimee kan hin deemne ta’uu isaa ogeessaan yoo mirkanaa’e.

5) Kan armaan olitti keewwata 50.4 jalatti ibsaman akkuma jiranitti ta’ee, bittaa amalli isaani karoorsuuf rakkisaa ta'aani karoora bittaa keessatti osoo hin hammatamiinhafan kan gatiin isaani 5,000.00 /kuma shan/ hin caalle kallattiidhaan bituun ni danda’ama. Haa ta’u malee bittaan haala kanaan bitamu bara baajataa tokko keessatti sadarkaa dhaabbataa irratti qar. 300,000.00 (kuma dhibba sadi) sadarkaa dameetti qar. 100,000.00 (kuma dhibba tokkoo), sadarkaa distriiktii fi paarkkiiwwan irratti qar. 50,000.00 (kuma shantama) caaluu hin qabu.

**49. Bittaa dhiyeessa gatiitiin (Piroformaa) Raawwatamu**

1) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef bittaa raawwatan dursanii karoorsuudhaan hanga danda’ametti bittaa caalbaasii ifaatiin raawwachuu qabu.Ta’us bittaa karoorfamuu hin dandenyee fi hatattamaan hojii irra ooluu qaban ykn bittaa bakka tokkotti raawwatamuu hin dandenyee mala bittaa ittiin dhiyeessa gatiitiin/pirofoormaan raawwatamuu ni danda’u.

2) Bittaa dhiyeessa gatiitiin raawwataman koree ragaasiftuu caalbaasiitti dhiyeessuun osoo hin barbaachisiin ittigaafatamaa ol’aanaa mana hojichaa tiin ykn bakka bu’iinsa inni kenne irratti hundaahuudhaan akka ragga’u godhamee bittaa

raawwachuun ni danda’ama.

3) Bittaan dhiyeessa gatiitiin raawwataman pirofoormaan gatiin isaa qarshii 20,000 olta’e koree bittaa caalbaasiitiin sasaabamee, koree caalbaasiitiin eega xinxaalamee booda Dariktara, Abbaa Adeemsa hojii, Qindeesaa Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaatiin ammantaa maallaqaa armaan gadii irratti ibsame osoo hincaaliin raggaasisamee bittaa raawwachuun ni danda’ama.

4) Bittaa qarshii 20,000 gadi ta’e koree caalasiittiin xinxalamee Dariktara, Abbaa Adeemsa hojii, Qindeesaa Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa qabeenyaatiin raggaasifamee bituun ni danda’ama:

| **T/ L** | **Gosa Bittaa** | **Daangaa Maallaqaa (Qarshiidhaan)** | | |
|---|---|---|---|---|
| | | **Dhaabbata irratti** | **Dameewwan irratti** | **Distiriktota/ Warshaa/ Paarkota irratti** |
| 1 | Bittaa Damee ijaarsaatiif | 500,000.00 | 300,000.00 | 50,000.00 |
| 2 | Bittaa meeshaatiif | 200,000.00 | 150,000.00 | 40,000.00 |
| 3 | Bittaa Tajaajila gorsaatiif | 120,000.00 | - | — |
| 4 | Bittaa tajaajila biirootiif | 75,000.00 | 75,000.00 | 50,000.00 |

5) Dorgommicha irratti kan hirmaatan tarreeffama dhiyeessitootaa keessaa kanfilataman ta’ee, lakkoofsi isaanii sadii gadi ta’uu hin qabu. Dorgommicha haqa qabeessa gochuuf raawwiin isaa hojimaata armaan gadii hordofuu qaba.

a) Hanga danda’ametti dhiyeessitoonni galmaa’an hundi marsaadhaan carraa dorgommii akka argatan dhiyeessaa tokko ykn dhiyeessitoota murtaa’an qofa deddeebisanii affeeruun hin barbaachisu.

b) Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef bittaa dhiyeessa gatiitiin deddeebisanii raawwataniif qorannoo gabaa garee bittaatiin raawwatamutti fayyadamuudhaan meeshaa qulqullina isaa eeggate, gatiin gadi aanaadha jedhamee filatamu gatii gabaa dhugaata’uu isaa mirkaneeffachuu qabu.

c) Haata’uu malee meeshawwan gabaa irratti bay’inaan hin argamne kan akka jijjiirraa warshaa, jijjiirraa konkolaataa, meeshaa omishaa fi kkf dorgomtoota sadii fi sadii ol’ argachuun kan hin danda’amne yoo ta’e, Daarektara Ol’aanaa ykn I/A/D/Ol’aanaa, hojjii gaggeessaa Damee, I/G Distiriiktii, itti gaafatamaa warshaatti dhiyaatee mirkaneessisuudhaan bittaa raawwachuun nidanda’ama

6) Gatiin dorgommii dorgomaa kaadhimamaan tokko akka dhiyeessu hayyamamuuf

gatii tokko qofa yoo ta'u, gatii dhiyeesses jijjiiruun hin hayyamamuuf.Gatii dorgomaa kaadhimamaan kenne irratti Dhaabbannii fi caasaan bittaaf aangoon kennameef dorgomaa kaadhimamaa waliin marii gochuudhaan jijjiiruun hin danda'amu.

7) Meeshaa sadarkaa qulqullinni isaa walfakkaatuu fi dhiyeessii sadarkaa qulqullinaa dhaabbanni barbaadu guutu dorgomsiissuun dorgomaa gatii gadianaa dhiyeesse filachuun bittaan raawwatamuu qaba.

8) Mala bittaa dhiyeessa gatii tiin bittaawwan raawwataman gatii ittiin dorgommii dhiyeessaan kenne /Proofoormaa/ fi xalayaan ajaja bittaa manni hojichaa kenne akka waliigalteetti waan lakkaahamuuf waliigaltee dabalataa rawwachuun hin barbaachisu.

**50. Bittaa yeroo hinknine (Bitta arifachiisaa)**

1) Mala bittaa kanatti fayydamuun kan dana'amu aiifachiisummaan bittichaa manajimantii dhaabbataa ykn dameetiin yoo mirkanaa'ee ta'ee raawwiin isaas

a) Bittaa arifachiisaa karoorsuuf hindanda'amnee fi hojii dhaabbatichaa dhaabsisuu danda'an kan akka miidhaa warshaa, mashinaraa fi hojii omishaa waliin walqabataniif kaampaanota fichisiisaa beekamoo ta'an irraa meeshaa bitamuu ykn argamuu dandaa'aniif murtee Dariktara/A/A/H Faayinaansii, Bittaa fi Bulchiinsa Qabeenyaatiin raggaasifamee bittaa rawwachuun ni danda'ama

b) Meeshichi ykn Tajaajilichi Kaampaanii fichisiisaa ta'e irraa kan hin argamne yoo ta'e, koree Mgt.Dhaabbataa/Dameetti dhiyaatee akka murtaa'uu ni tasifama. Haataa'u malee, sadarkaan arifachiisumaa isaa hanga koreenMgt. walgahuttii kan yeroo hinkennine yoo ta'e murtee Daarektara ol'aana ykn I/A/D/Ol'aanaaDhaabbataa, Hojii gageessaa Dameetiin bittaanmala bittaa dhiyeessa gatii akka raawwatamu godhamee raawwii isaa koreenMgt. akka beeku ni taasifama.

## KUTAA V

## Dhimmoota adda addaa

**51. Akkaataa Murteen Bittaa Itti Mirkanaa'u**

1) Malawwan bitta tokko tokko isaatiin daangaa maallaqaa qajeelfama kana keessatti ibsaman caasefamma dhaabbatichaa sadarkkaa sadarkaan jiraniin bittaan kanmirkana'u ta'a.Haa ta'u malee bittaan daangaa maallaqaa kennamee fii ol ta'ee

yoo argame ragaa quubsaa waliin Daarektara Ol'aanaa dhaabatichaatiif dhiyaatee kan mirkanaa'u ta'a.

2) Dhaabbatichi bittaawwan babal'isuu ykn pirojeektii haaraa gaggeessuu yeroo barbaadu boordii hojii gaggeessaa dhaabatichaaf dhiyeessee erga mirkaneessisee Abbaa Taaytaa To'annoo Dhaabbilee Misoomaatii dhiyeessee ragaasiisuu qaba.

3) Qorannoon Hojii babal'isuu ykn pirojeektii haaraa karooraan qabamee boordiin erga mirkanaa'ee booda qaama qoratu akkaataa mala bittaa gorsaatiin filachuun niqorachiisisa.

4) Qorannoon qorattootaan qoratamee dhiyaates boordii hojii gaggeessaa dhaabbatichaatiif dhiyaatee nimirkanaa'a.

5) Adeemsa raawwii pirojeektootaa ilaalchisee akkuma amala pirojeektichaatiin hangaxumuraa fi walaharkaa fuudhinsa pirojeektichaatti kan jiru murtee barbaachisu kennuun boordii hojii gaggeessaa dhaabbatichaatiin raawwatama.Akkaataa raawwii isaa ilaalchisee Abbaaa Taayitaa Too'annoo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaatiif gabasa dhiyeesuun irra jira.

**52. Bittaa Tajaajila Inshuraansii**

1) Bittaan meeshaa biyyaa alaa irraa bitamu ykn bittaan meeshaa dhaabbii duraan dursee wabummaan inshuraansii kan itti seename ta'uu qaba.

2) Meeshaan bitamu rakkoo hir'achuu, tajaajiluu diduu, cabuu ykn miidhaa biraa kan qabu yoo ta'e, itti gaafatamaa dhimichi ilaalu rakkina muudate battalumatti haala qunname barreeffamaan qaama wabummaa inshuraansii kenne(dhabbaata inshuraansichaaf) ykn bakka bu'aa meeshaa geejibsiisuu (Travel agent) barbaachisaa ta'ee yoo argame dhiyeessaa meeshichaa ykn bakka bu'aa isaatti barreeffamaan beeksisuu fi hordofuun meeshichi akka bakka bu'u ykn gatiin isaa akka kanfalamu ykn tarkaafiin biroo akka fudhatamu ta'uun irra jira.

**53. Haala ol'iyyannoon Dhiyaatee itti ilaalamuu qabu.**

1) Adeemsa bittaa irratti miidhaan narra gaheera jedhee dhiyeessaan ykn dorgomaan iyyannoo isaatiif bu'uura kan ta'e murtee erga beekee ykn guyyaa beekuun irra turee eegalee kan lakkaa'amu guyyaa hojii 5 (shan) keessatti iyyata isaa jalqaba kandhiyeessuu qaba caasaa dhaabbatichaa qaama caalbasii baaseef ta'uu qaba. Iyyannoon guyyaa 5 (shan) booda dhiyaatu fudhatama hin qabu.

2) Dorgomaa kaadhimamaa iyyaticha dhiyeessee fi caasaa dhaabbatichaa caalbaasiigaggeesse giddutti dhimmi iyyanni irratti dhiyate waliigalteetiin yoo hiika argachu baatee, ol iyyannoon koree koomii qaama ol aanaa caalbaasii baaseef dhiyaata. Caasaan ol iyyannoon dhiyaateef guyyaa iyyatichi dhiyaate irraa eegalee

guyyaa hojii 10keessatti iyyata dhiyaateef murtee isaa barreeffamaan kennuu qaba. Murteen DaarektaraOl'aanaan kennamu isa xumuraa ta'a.

3) Bittaan komiin irratti dhiyaate kamiyyuu kan qulqullaa'u sanada caalbaasii dorgommiidhaaf qophaa'e fi qajeelfama kana bu'uura gochuudhaan raawwata.

**54. Moggafamaa Miseensa Koree Komii**

1) Hoggaanan ol'aanaa iyyata koomii dorgomtoota irraa raawwii bittaa irraatti dhiyyatu qulqullessee yaada mutee kan dhiyeessu koree miseensoota 3-5 qabu ni hundeesa.

2) Bari hojii miseensoota koree waggaa 3 ta'ee, raawwii hojii fi namuusni gaarii qaban ilaalame Ooggaanan Biiroo yoo itti amane bara hojii walfakkatuu tokkoof dheerachuu ni danda'a.

3) Miseensoota koree ta'anii kan moggafaman hojii bittaa irraatti beekumsaa fi muxanoo ga'a, amala fi namuusa gaarii kan qaban ta'u irra jirata.

4) Walitti qabaa fi barreesaan koree akka barbaachisummaasaatti walgahii waamuu ni danda'u.

**i. Gabaasa Raawwii Bittaa dhiyeessuu**

Daarektoreetii/Adeemsi hojii bittaa gaggeessu bittaawwan raawwataman akkaataa karoora bittaa sirna madaallii bu'aa tarsiimoo (SMBT/BSC) irratti hundaa'ee qophaa'een ji'a ji'aan, kurmaanaan, ji'a jahaa fi waggaadhaan qindeessee Daarektoreetii/Adeemsa hojii karoraa fi gabaaf ni dhiyeessa. Akka waliigalaatti immo karoorrii fi raawwiin bittaa, Daarektoreetii karooraa fi gabaatiin Dhaabbata irratti qindaa'ee boordii hojiigaggeessaa dhaabbatichaafi Abbaa Taayitaa Too'annoo Dhaabbilee Misoomaa Mootummaaf ni dhiyaata.

**55. Guyyaa Itti Ragga'u**

Qajeelfamni kun guyyaa ATTDhMO mirkaneesse ..............................irraa eegalee kan ragga'e ta'a.

Assagid Getaachew

Daarektara ol'aanaa

Abbaa Taayitaa To'ataa Dhaabbilee Misooma Oromiyaa

Onkololeessa bara 2013

Finfinnee